# QAACCESSA ITTI FAYYADAMA AFAANII FI EENYUMMAA QOODDATTOOTA ASOOSAMA RAAYYAA DHUGAA KEESSATI

**TOLAA QANAATEE**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR –AARTII AFAAN OROMOO,OG BARRUU FI FOOKILOORII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FOOKILOORII KOLLEEJJIINAMOOMAA ,QOÁNNOO AFAANOOTAA, JOORNALIZIIMIIFI QUNNAMTIITTI**

**YUUNIVERSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA ITTI FAYYADAMA FAANII FI EENYUMMAA QOODDATTOOTA ASOOSAMA RAAYYAA DHUGAA KEESSATTI

**TOLAA QANAATEE**

**GORSAA: TOLAMAARAAM FUFAA (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILAR-AARTII AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKILOORII, GAMISAAN GUUTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKILOORII KOLLEEJJII NAMOOMAA,QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNALIZIMII FI QUNNAMTIITTI YUNIVERSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE**

## Galata

Duraan dursee uumamuu koorraa kaasee hamma ammatti bu’aa ba’ii baay’ee keessa na barsee kan asiin naa dabarsee kan asiin naa ga’ee waaqayyoo koof galani ulfinni guddaan haa ta’u . Itti ansuun immoo yeroo isaanii qaban irraa naaf qooduun osoo naan dadhabbiin, naan nuffe hin jedhin waaraqaa qorannoo koo bakkan dogongoretti naa siireessaa,qorannoo kana akkan hojjeedheexumuruuf kan naa bira dhaabbataan Dr tolamaaryaam Fufaa galannii fi kabajanni ani isaaniif qabu guddaadha.Galatoomaa ulfaadhaan jedhaan. Akksumaas abbaakoo Qanaatee Garbii fi Haadha koo Likkituu Amaannuu karaa hundaan siin dadhaabee osoo hin jedhin karaa malaqaas ta’e karaa yaadan kan na bira dhaabbattan galanni an isiniif qabu guddaadha.Umurii na dheeraa naaf jiraadha. Akkasumaas maatii warra karaa hundumaa naa gargaaran hundaaf galatanqabu daangaa hin qabu galatoomaan jedha.

# BAAFATA

Qabiyyee Fuula

Galata ........ i

BAAFATA ........ ii

Axeereraa ........ v

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2 Ka’uumsa Qorannichaa ........ 3

1.3 Kaayyoo Qorannichaa ........ 4

1.3.1.Kaayyoo Gooroo ........ 4

1.3.2. Kaayyoo gooree ........ 4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.6. Hanqinna Qorannichaa ........ 5

1.7. Malawwan Qorannoo ........ 5

1.7.1. Mala Iddatteessuu. ........ 6

1.7.2 Madda Ragaalee ........ 6

1.7.3, Mala fuunaansa Ragaalee ........ 6

1.7.4 Mala ragaan itti Qaacceffamu ........ 7

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU ........ 8

2.1 Sakkatta’a barruu Yaadrimee ........ 8

2.1.1 Itti Fayyadama afaanii ........ 8

2.1.1.1 Fayyadama jechoota ........ 9

2.1.1.2 Jechoota Tiishoo ........ 10

2.1.1.3 Jechoota ergiisaa ........ 10

2.1.1.4 Jechoota Loogaa ........ 11

2.1.1.5 Jechoota Walfakkii ..... 12
2.1.2. Fayyadama Himaa ..... 12
2.1.1.2.1 Hima DHeeraa ..... 13
2.1.1.2.2 Himoota Gaggabaaboo ..... 13
2.2 Sakatta'a Barruu Walfakkii ..... 14
2.3. Eenyummaa Qooddattoota ..... 14
BOQONNAA SADI: QAACCESSA RAGAALEE ..... 16
3. Ibsa gabaabaa wa'ee kitaabichaa ..... 16
3.1. Cimina Mul'atan ..... 17
3.1.1 Fayyadama Jechootaa ..... 17
3.1.1.1 Jechoota Loogaa ..... 17
3.1.1.2 Jechoota Ergisaa ..... 18
3.1.1.3 Jechoota afaan oromoo afaan ingilizii irraa liqeeffate ..... 18
3.1.1.4. Jechoota afaan oromoo afaan amaaraa irraa ergifate. ..... 19
3.1.1.5 Jechoota Afaan Oromo Afaanota Garaagaraa irra Liiqeeffate ..... 19
3.2 Hanqina Mul'atan ..... 20
3.2.1 Fayyadama jechoota ..... 20
3.2.2. Jechoota Ergiisaa ..... 22
3.2.3 Jechoota Tiishoo ..... 23
3.2.4 Jechoota Faallaa ..... 24
3.2.5 Jechoota Walfakkii ..... 25
3.2.6. Fayyadama Himaa ..... 26
3.3.6.1 Himaa DHeeraa ..... 26
3.3.6.2. Gabaabina Himaa ..... 28
3.3 Eenyummaa Qooddattoota ..... 29
3.3.1 Bultumi Odaa ..... 30

3.3.2 Odaa Gadaa ........................................................................................................ 30

3.3.3 Olaanii Dammee ........................................................................................................ 31

3.3.4. Lammeessaa Hundarraa ........................................................................................................ 32

3.3.5. Meetii Angaasuu ........................................................................................................ 32

3.3.6. Waadaa Danaaboo ........................................................................................................ 33

3.3.7. Guutaa Abdiisaa ........................................................................................................ 34

BOQONNAA AFUR: CUUNFAA FI YAADA FURMAATAA ........................................................................................................ 36

4.1. Cunfaa ........................................................................................................ 36

4.2 Yaada Furmaataa ........................................................................................................ 37

Wabii

# Axeereraa

*Qorannoo qaaccessa itti fayyadama afaanii fi eenyummaa qooddattootaa jedhu kun kitaabaa asoosamaa Raayyaa Dhugaa jedhu irratti kan geggeeffameedha. Qorannoo kitaaba aasoosama raayyaa dhugaa jedhu irratti geggeeffamee kunis akkuma walii galaatti boqonnaa afuritti qoodamee kan hojjetamee xumurameedha.Qorannichi akkuma boqonnaa afuritti qoodameen boqonnaa boqonnaa keessatti qabxiilee mata mataa  isaa qabateera. Boqonnaa tokko keessatti arriirata qorannichaa ,ka'umsa qorannicha ,kaayyoo qorannichaa,yookiin kooyyoo gooroo fi gooree ,faayidaa qorannichaa, daangaa qorqnnicha,hanqina qorannichaa, mallawwan qorannichaa, akkaakuu qorannichaa, madda ragaa qorannichaa, Iddatteessuu qorannichaa fi mala ragaan itti qaacceffamu yoomuu ta'u, boqonnaa lama keessatti sakkatta'a barruu yaadrimee fi sakkatta'a barruu wal fakkii  ragaawwan qaaccessee argatee, boqonnaa sadii keessati itti fayyadama afaanii keessa; itti fayyadama jechoota ergisaa, itti fayyadama jechoota loogaa, itti fayyadama jechoota tishoo ,jechoota wal fakkii, jechoota faallaa irratti  hanqinna jiranii fi cimina jiran, akkasumaas fayyadama hima dheeraa fi himoota gabaaboon kan ka'an yoommuu ta'u dabaalataanis eenyummaan qoddattootaa ibsamaniiru, boqonnaa afur keessatti immoo gudunfaa ,fi yaada furmaataa yookkiin kan jedhamu ka'aniiru.*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruun seenaa ilmaa namaa keessatti ogommaa waggoota dheeraa ture ta'uu isaatiin yaadni hedduun kan irratti kennama fi qorannoon adda adda kan irratti geggeeffameedha. Ogbarruun jiruufi jireenyi hawaasaa tokko kan ittin ibsaamuudha. Dhalli namaa jireenya isaa keessatti waan inni rawwaatuu akkasumaas aadaan isaa ogbarruu keessatti ibsama. Kanuma iaalchsee Asafaa(2009:20) akka ibseetti "Ogbarruun jiruuf jireenya ilmaa namaa kan namoota hubannoo, beekumsa, muxxannoo fi sadaarkaa adda adda qabaniitti. Battuu aadaa saba tokkotis". Akka yaada kana irraa hubaanutti jiruufi jireenyi ilmaa kan inni keessatti ibsamu ogbarruu keesattidha.Ogbarruun wanta dhalli namaa tokko rawwaatu akka galmeetti qabe kan ka'uu fi aadaan saba tokkos karaa og barruu ifaatti ba'ee kan mulaatu ta'uu isaa irraa hubanna. Kanuma ilaalchisee Zarihuun ,(1996:3) akka ibseetti."Ogbarruun dabarsa aadaa Uummataa kan muuxxannoo jireenyaa bifa adda addaa qabdu keessatti argama nama nuu hubachisa. Akkasumaas Ogummaa, dhugummaa, muxxannoo keenyaa sana miidhagsinee Uummee ittiin ibsinu ibsaa yaada Uummataa isaa ol aanaa fi isaa dhumaa jechootan ka'amu kan durii jalqaabee guddachaa dhufee ta'uu isaa nuu hubachisa' jechuun ibsa.

Akka yaada armaan olii kanarra hubannutti ogbarruun aadaa Uummataa kan bifa dubbiin ture gara barreeffamaatti fidee kan kaa'udha. Ogbarruun aadaan Uummataa tokko akka hin bannee fi dhallta itti anaanutti darbee akka fayyaduu kan godhuu fi ogbarruun durii kaasee jiraachuu isaa nuu hubbachisa. Kana malees ogbarruun muxxannoo jireenya keenyaa kan ittiin midhgsinee bifa nama hawwachuu danda'uun jechootti fayyadamnee kan keenyaa ta'uu irraa hubbanna. Ogbarruun bakka gurguddoo afuritti qoodamu. Isaaniis; Asoosamaa, Diraamaa, Walaloo, fi al-asoosamaadha. Asoosamni argaa yaada yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenyaa dhala namaa aduunyaa keessatti kaasee kan mulisuudha. Muuxxannoo fi mudannoo haawasni tollo haala jiruu fi jireenyaa isaa keessatti argu mulisuuf sammuu barreessaa keessatti kalaaqamee waraaqarratti kan mulatudha.dubistoonni akka isaan muxxannoo isaanii keessatti ilaalan kan taasisuudha. Kanaafuu asoosamni jiruu fi jireenyaa dhalla namaa calaqqissisa. Sanatus dubbisa onnachiisa. Sababni isaa namoonni yeroo asoosamaa dubbisaan taatee addunyaa kanaa keessatti ta'eef jireenyaa isaanii waliin wal qabsisaanii ilaaluu waan ta'eef asoosamni

bayyeen kan miira namaa hawwatuu fi muxxannoo jireenyaa baayyee kan irraa barannuudha.

Asoosamaa tokko keessatti itti fayyadamni afaanii baayyee murteessa fi barbaachisaadha. Asoosamaa tokkoo keessatti fayyadamni afaanii barreessaan sun dhimmaa itti bahee gahumsa kan qabu ta'uu qaba. Fayyadama Afaanii jechuun seeraa xinqooqaa afaanii keessatti haala hojii irraa olmaa xin saga,xiin jecha, xiin himaa, xiin hiikkaa fi loogawwaan garaagaraa hawaasaa tokko keessatti hubbatamannidha. Seeraaa itti fayyadama afaanii keessatti waan bsamuun barbaadamee maliitti fayyadamanii akka ibsaaman ifaa taasisuudha.jiruu fi jireenya keessatti hawaasummaa keessatti dhimmi tokko yoo ibsaamuu afaan itti fayyadamaa garaagaraa ta'uu ni danda'a.kunis haala wammicha ykn moogasaa afaan tokko keessatti itti fayyadamaan jechuu dandeenya. Kun immoo akka walii galaatti itti fayyadamaa afaanii jedhama. Afaanoonni Addunyaa kanaa heeduu isaanituu jiru. Afaannoonni kun hundi isaanii seeraa fi caasaa mataa mataa isaanii qabu. Afaan oromoo akkumaa afaanoota kan biro seeraa fi caasaa mataa isaa hordoofe deemu ni qaba. Afaan oromoo ergaa barreeffamuu jalqabee yeroo dhiyoo ta'uullee ogbarruun heeduun ittin barra'ani jiru. Afaan barreeffama haa ta'uu malee ogbarruuwwan barreeffaman yeroo ilaalu hanqinoota adda adda keessatti mulata. Yaada kanaa ilaalchisee Wiirtuu1:5 keessatti akka ibsameetti.

> *"Afaan oromoo afaan bareeffama fi afaan hojii ergaa ta'ee yeroo gabaabaa ta'uulle yeroo xiqqoo kanaa keedssatti irraa gahee guddina fi ciminaa ilmaan oromoo kan mulisee ta'uun isaa waan qormaataa barbaachisuu miti. Haa ta'uu malee caalaatti akka dagaagu gochuuf dogoggora mulachuu danda'anii fi hanqina hammatti mulatan hanisuuf ciminaan socho'uun barbaachisaadha" jechuun ibsa.* *Wiirtuu jildii 5ffaa (1992:45)*

Afaan qabeenya dhalli namaa ittin walii galuu fi yaada isaa ibsaatuu keessaa isaa olaanaadha. Hojii ilmaan namaa keessa inni tokkao; Afaan hawaasaa keessatti ittin dhalataaniini ykn ittin guddataniin dubbisuun fi dubbachuun itti fayyadamuu dandaa'udha.Afaan tokkos afaan biro irra kaninni ittiin addaa bahee dammee afaanii tokko jaalatti rammadamuun amala mataa isaa qabachuunni. Akkaataa fayyadama mataa ofii qabachuun immoo seerluuga afaanicha jedhamu danda'a.

Asoosamaa tokko keessaatti itti fayyadamni Afaanii bayyee barbaachisaadha. Akkasumaas asoosamaa keessatti fayyadamni afaanii barreessaan asoosamaa sun itti dhimmaa bahee murteessa ta'uu qaba. Yeroo hamma kanaa asoosamni bayyeen afaan oromoottin barreeffamanii

jiru, Barreeffamaas jiru. Asoosamoota barreeffamaan kanaa gamaa itti fayyadama afaaniin kasnee yoo ilaallee garuu hanqinoota irraa bilisaa jechuun namaa rakkisa. Fayyadama afaanii ilaalchisee hanqinoota jiran qoratanii dhiyyeessuun ammoo guddinaa asoosamoota afaan oromoon barreeffamaan kan cimsuudha. Asoosamoota afaan oromoon barreeffaman keessaa Asoosamni '"raayyaa dhugaa ' isaa tokkodha.

Egaa kayyoo qorannoo kanaa asoosamaa raayyaa dhugaa jedhu ilaalchisee itti fayyadamaa afaanii waliin kan wal qabatan ilaaluun galmaa qorannoo kanaatti. Kunis immoo hanqinoota ykn rakkinoota mulataniif furmaataa barbaachisaa ta'ee barbaaduun xiyyeeffannoo qorannoo kanaatti.

**1.2 Ka'uumsa Qorannichaa**

Qorannoon kun ka'uumsa mataa isaa danda'ee ni qaba. Kunis immoo qeeqni ogbarruu barbaachiisa waan ta'eefidha.Akkasumaas, seen duubee qorannoo kanaa ilaalchisee hanqinoottin seer luugaa,caasaa afaanii, barruulee fi kitabootan maxxffamaan keessatti heeduuminaan ni mulata. Kanaa malees namoonni afaan oromoo nannoo garaagaraa maxxansa turan akka feedhii isaanitti qubee afaanicha qofa beekuun gamaa fayyadama afaaniin muxxannoo osoo hin qabattin dogoggora bayyee waliin maxxansa turaniru. Kun immoo afaan oromoo rakkoof akka saxilaamuu goodheera. Rokkoon kun immoo gara fulduratti xiqqacha akka deemuu gochuuf immoo qorannoo afaanicha irratti gessisuun dirqama ta'a. Namoonni kunneenis hubbannoo gamaa kanaan qabaan fooyyeeffachuuf rakkoon gamaa fayyadama afaaniin akka hin mullaaneef faayyeessuuf kan qorataameedha.

Rakkoo kanaa hir'suuf ykn ittisuuf qorannoon itti fayyadama afaaniin irratti hojjetamaniif barbaachisoo waan ta'aniif anis gamaa kootiin gaffillee armaan gadii kanaa ilaaluun irratti hojedhee gummaacha taasissuun barbaada.

- Dandeetti itti fayyadmni afaanii karaa asoosamoota afaan oromoo jiru maal fakkaataa?
- Xiyyeeffaannoon barreessitoota karaa fayyadamaafaanii hanga tokko cimina qaba?

### 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1.Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon qorannoo kanaa qaaccessa itti fayyadama Afaanii fi Eenyummaa qoddattota Asoosamaa "Raayyaa DHugaa"keessattidha.

### 1.3.2. Kaayyoo gooree

- Fayyadama jechoota tishoo ibsuu,
- fayyadama jechoota ergiisaa addeessuu,
- Haala fayyadama wal fakkii jechoota addeessu,
- Fayyadama faallaa jechoota agarsiisuu,
- DHeerinaa himoota fi Gabaabinaa Himoota baasuu,
- Ciminaa jiraan addaan baasee akka fakkeenyaatti kaa'u,
- Eenyummaa qooddattoota ibsuudha.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kun fayidaa heedduu qabachuu danda'a. Kanaa malees, qorannoon kun yeroo geggeeffamuu rakkoolee /gaaaffiilee adda addaaf deebii ta'uu danda'a. Akkasumaas rakkoowwaan gaama itti fayyadama afaaniin Asoosamaa ''Raayyaa DHugaa''jedhu keessatti adda baasee akka isaan itti sirratan karaa kan agaarsisuu fi Eenyummaa Qoddattoota kan ibsuudha.kana malees ogbarruun oromoo karaa xinqooqaan taasifamaniif gumaacha ni goodha. Dabalatanis qorqnnoowwaan biroo kanaan boda karaa itti fayyadama afaaniin ogbarruuwwan afaan oromoo irratti hojjetamanif madda raga ta'uu danda'a. Kanumaaran ka'uun qorannoowwan kun bu'awwan armaan gadii qabachuu danad'a.

- Rakkoowwaan gaama itti fayadama afaaniittin kitaaba asoosamaakanaa keessatti mulatan addaan baasee akkataa isaan itti sirratan agaarsisuun rakkoon kun akka itti hin fuufnee gochuu danda'a.

- Barsiisoota fi Baratoota kanaan booda qorannoo kanaan walfakkaatuu irratti qorannoo geggeessan ni fayaada
- Guddina ogbarruu oromoof karaa xinqooqaan taasifamuuf gumacha ni goodha.
- Garaa fulduraatti barreeffamni gamaa itti fayyadama afaaniin ga’uumsa qabu akka mulatu taasiisa.

**1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon kun itti fayyadama afaanii dubbii hasaa keessatti osoo hin tannee itti fayyadama afaanii barreeffama irratti kan daangeeffameedha. Fayyadamni afaanii wantoota seeraa xinqooqaa jaala jiran hunda hammata. Xinqooqni immoo yaadrimeewwaan isaa bal’aa waan ta’eef namaa rakkisuu danda’a. Kanaafuu qorannoo tokko geegessuuf mataa duree daangeessuun barbaachisaadha. Akkasumaas barreeffamoota kam keessattiyyuu afaan bu’uura asoosamni afaan oromoos heedduumina waan qabaniif al tokkotti fayyadama afaanii fi Eeyummaa qoddattoota isaanii Qaaccessuun waan hin danda’amneef qorataan mataa duree isaa Qaaccessa itti Fayyadama afaanii asoosamaa ‘’ Raayyaa DHugaa’’jedhuu irratti akka daanga’uu dirqaameera.

**1.6. Hanqinna Qorannichaa**

Qorannoon kun xiyyeeffaannoon isaa qaaccessaa itti fayyadama Afaanii fi Eenyummaa Qooddattoota yoommuu ta’u, fayyadamaa afaanii keessatti fayyadamni sirna tuuqaalee, fayyadama qub guddeessaa ka’uu dhabuun akka hanqinaatti ka’uu dana’u. Eenyuummaa qooddattoota irratti immoo eenyummaan isaanii haala gariin asoosamaa kanaa keessatti hin ibsaamiin waan haafef akka hanqinaatti ka’uu danda’a.Kanumaan wal qabatee fayyadama Afaanii fi Eenyummaa qooddattoota irratti waaan xiyyeeffatuuf waldhabbii asoosamichaa keessaa jiran baasuu dhabuu akka hanqinaatti ka’uu danda’an.

**1.7. Malawwan Qorannoo**

Qorannoon tokko addeemsifamuuf mala ykn tooftaa qorannoon sun itti galmaa ga’uu beekuun bayyee barbaachisaadha.Qorannoon tokko galmaa ga’uu kan danda’uu yoo qorataan tokko malawwaan jiran keessaa naa gargaraa jedhee kan itti amaanuu yoo filaateedha.Maliqorannoo

tokko kan inni itti mulaatuu immoo fayidaa fi bu'aa inni keennuu irratti hunda'eetti.Qorannoon kunis kan adeessifamee, oddeeffannoowwaan kitaaboota adda dubbismeetti. Kanaaf qorannoo jira keessaa yaadrimeetti dhimma fayaadameera.

### 1.7.1. Mala Iddatteessuu.

Malli Iddtteessuu qorannoo kanaaf dhimmaa itti bahaame kitaaba afaan oromoo heedduu jiran keessaa kitaaba asoosamaa ''Raayyaa DHugaa''jedhu filaachuun itti fayyadama afaanii fi Eenyummaa Qooddattoota isaa irratti qorannoon addeemsiifameera. Kanaaf qorataan kun kitaaba kanaa jalqaaba hanga dhummatti dubbissuun kitaaba kanaa qaaccesseera.

### 1.7.2 Madda Ragaalee

Qorannoo keessatti ragaan tokko yeroo waliitti qabamuuf fuunaanamuu dhugummaa akka qabatuuf madda raga inni irraa fudhaatamee murteessadha. Kanaafuu qoraatan kun madda ragaa lammaaffatti dhimma  dhimma baheera.

Maddi ragaa ragaa qorataan kun dhimma itti bahees, kitaabilee adda addaa, warraqaa qorannoo adda addaa sakatta,uun kitaaba asoosamaa ''Raayyaa DHugaa'' jedhu jalqaaba hangaa dhummatti sakatta'uun kan hojjetamedha.

### 1.7.3, Mala fuunaansa Ragaalee

Qorannoon tokko yeroo geggeffamu ragaan fuannuu adeemsaa qorannoo keessatti isaa murteessa fi barbaachisaadha.Oddeeffaannoo ga'aa argaachuuf tooftaa gariitti fayyadamuun baayyee filaataamaadha. Kanaaf qorataan kun meeshalee funaansa raga isaakeessaa mala sakkatta'aa dookmeentiidhimma bahuun qorannoo isaa adeemsiseera. Qorataan kun yeroo qorannoo kanaa adeemsisaa ture  kitaaba filaatee irraa deedebii'ee dubbisuun fayyadama afaanii achii keessatti argaaman qabachaa adeemisuun  qaacceesseera.Yeroo itti fayyadama afaanii achii keessaa jiru qabachaa addeemus yadannootti qabachaa deema. Kanaaf qoraataan kun  yaadannootti dhimma baheera qorannoon  kun kan adeemsifame kitaaba asoosama  Qaacceessuu irrattidha. Kanaafuu qorataan sakkatta'a dookimeentiitti dhimmaa bahuun oddeeffannoo kitaaba asoosama **Raayyaa dhugaa**: jedhu keessaa argaaman qaacceessera . Akkasumaas  bu'aa qorannoo namoota gara

garaa irra fi mataa duree adda addaa irratt geggeeffaman sakkatta’uun oddeeffannoo kan walitti qabatedha.

### 1.7.4 Mala ragaan itti Qaacceffamu

Malli qaaccessaa ragaalee qorannoo kana keessatti hojiiraa oole,mala al lakkooffsaatti. Kunis wan ta’uu dandaa’eef immoo waantooni safaramuu fi lakkooffssaan lakkamuu qorannoo kana keessatti waan dhimma itti hin bahaaneef mala kanaan kan dhimma itti bahaamee, raagalee jechaan Qaacceeffameedha. Kanaaf malli qorannoo kun mala. Qorannoo akkamtaatti dhimma kan bahaameedha.

# BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU

## 2.1 Sakkatta'a barruu Yaadrimee

### 2.1.1 Itti Fayyadama afaanii

Afaan ta'iiwwan ilmi namaa ittiin walii galuu fi ittiin yaada isaa wal jijjirratudha.Haa ta'u malee ilmi namaa haalli ittiin afaan fayyadamee ittiin walii galuu fi ittiin ergaa wal jijjirratu garaagara. Garaagarummaan kunis fayyadama afaanii jedhama.Sababani isaas fayyadamni afaanii nama kamiyyuu biratti dhimma nuti haasofnu sanaafi nama nuti wajjin haasofnu sanaan murta'a namoonni afaan tokkotti fayyadamanii yeroo ergaa dabarfatan dhimma dabarfatanii fi ergaa dabarfatan irratti hundaa'uun afaan tokko keessaa looga filachuuni fi afaan biraa irraaa jechoota ergifachuun itti fayyadamu. Yaaduma kanaan kan wal fakkaatu, namoonni haala kanaan fayyadamuufis haala hawaasummaa isaan keessa jiran, dhiyeenyaa fi fageenyi kaayyoo isaan hawaasummaa waliin qaban murteessummaa qaba. Jaalallii ,(2002)

Akka Jaalalliin fishman(1971)wabeeffachuun ibsitetti,fayyadamni afaanii karaa afaaniitiin walitti dhufeenyi yeroo taasifamu, namni tokko yookaan hawaasichi ,looga afaanichaa keessaa isaa kam akka filatu agarsiisa jechuun keessi.Kana jechuunis qorannoon fayyadama afaanii eenyuun?,eenyuuf?,yoom? fi eessatti? afaan kamiin? Maal jedha isa jedhu agarsiisa jechuun keessi.Yaaduma kan kan cimsu beekan hayyoota garaagaraa wabeeffachuun yoo kaa'u;

> *Itti fayyadama afaanii jechuun haala tajaajila afaanoota adda addaa keess atti qabudha. Akkasumaas itti fayyadamni afaanii, afaan hojii kam Iyyuu keessatti murteessaa fi barbaachisaa ta'uu isaa lafa kaa'ee jira. Kanaafuu,Hojii itti fayyadama afaanii irratti hojjetamu, garaagarummaa haala xiin qooqaa fi hawaasummaan jiru adda baasuu fi ibsuu irratti xiyyeeffachuu qaba. Kana jechuun, haala itti fayyadama afaanii hunda addaa addummaa hawaasaa sababa Afaaniin uumamu kan hammatudha. As keessatti garaagarummaa kan jedhu namni dubbatu sun gosa garaagaraa afaanicha keessaa jiru filaaatee kan dubbatu ta'uu isaati.* Beekaan *(2015;3)*

Akka yaada kanaatti hojiin itti fayyadamanii afaan tajaajila afaan yeroo adda addaatti hawwasa keessatti qabu jechuudha.Tajaajilli afaanii kunis hojii hawaasummaa kamiyyuu keessatti baayyee barbaachisaa fi murteessa ta'uu isaa agarra.Akkuma walii galaatti fayyadamni afaanii tajaajila

afaan hawaasa keessatti qabu yoo ta'u ,kunis hawwaasni yeroo dhimma tokkoof itti fayyadamu dubbii afaanii dhama qabutti fayyadama jechuudha.Itti fayyadamni afaanii akkuma sagalee dubbii afaan keessatti tajaajila murteessaa fi barbaachisaa qabu,hojiiwwan uumee afaanii keessattis tajaajila murteessaa fi barbaachisaa qaba.

Afaan karaa ergaa ittiin dabarfatan keessaa  isa ijoo waan ta'eef hojii kalaqa ilmi namaa keessatti ga'ee guddaa taphataHojiin uumee ogbarruun tokko dubbistootaaf dubbifamuu fi dhiisuu akkasumas jaallatamummaa hawaasa biratti argachuu fi dhiisuu isaa kan ittiin beekamu yookiin madaalamau fayyadama afaaniin. Hojii kalaqa sammuu og barruu keessatti miidhagina jechuun barreeffamoota walitti fidanii hima ijaaruu miti.Jechoonni hammam kan barreeffaman ta'aniyyuu, barreessaan jechoonnii ani fayyadame kun ergaa naaf dabarsuu akkasumas miira dubbitootaa naaf hawwatu jedhee kan barreessudha. Sababni isaas hojiin uumeen og barruun hawaasa keessatti tajaajila barbaadame dabarsuuf itti fayyadama afaanii sirriitti yoo fayyadameedha. Kanaafuu,barreessaan og barruu karaa adda addaatiin afaanitti fayyadamuu fi ga'umsa cimaa ta'e qabaachuutu isa barbaachisa.Yaaduma kan ilaalchisee Jaalalliin Zarihuun Asfawun ,(1992) wabeeffachuun yoo ibsu.

> *Barreessaan dandeettii afaan ol aanaa ta'e isa barbaarchisa yeroo jedhamu, karaa biraatiin yaada  isaa sirritti haala ifaa fi nama hawwatuun ibsuufii dabarsuu danda'uu qaba jechuudha.Akkas gochuuf ammo amala jechoota,haala galuumsa isaniifi akkaataa uumama isaanii beekuu qaba.Hiikkaa fi midhagina jechoonni haala adda addaa keessa galuun kennuu danda'an beekuun irraa eegama*  Jaalallii,*(2002:120)*

Yaada kana irraa wanti hubbatamuu danda'u, barreessaan kalaqa hojjii og barruu tokko kan kufu itti fayyadama afaanii sirritti yoo beekuu baateedha. Akkasumaas dandeettiin fayadama afaanii isaa dadhabaa yoo ta'e fi  haala kam keessatti jecha kam fayyadamuu yoo baate hojiin isaa fudhatamaa dhaba jechuudha. Kanaafuu,barreessaan tokko dandeettii afaanii fi itti fayyadama afaanii qabaachuutu isarra eegama jechuudha .

### 2.1.1.1 Fayyadama jechoota

Jechi qindoomina sagalee irraa kan uumamu fi hiikka mataa isaa kan qabu,kutaa caasaa faanii keessaa isaa tokkodha. Sagaleewwan afaan tokkoo dubbifamaa fi dubbachiiftuun

waliinqindaa'uun jecha uumu. Jechi kuunis caasaa afaan sagaleewwan irraa eegaamuu fi hiikka mataa isaa kan qabudha. Yaadumaa kanaan walfakkaatu Addunyaan yoo ibsu;

> *jechi qindeeffama dhamsgootaa, birsagootaa fi dhamjechootaa kan uunkaalee hiikka tokkoofi isaa ol qabaaniin dhiyyaatuu fi of danda'ee dhaabatuudha. Gama biraatiin, jechi bakka bu'aa muuxannoohawaasaa tokkootti.Muuxannoon hawaasaa tokkoo ammo baay'ina hawaasichaa ,amala isaa,dagaagina aadaa fi diingdee isaa,hawwii isaa, siyaasaa fi wkf bu,uureffata***.** Addunyaa,*(2016:35)*

Akka yaada kanaa irraa hubannutti,jechi qinda'ina sagalee irra kan uumamuu kan hiikka tokkoofi lamaa ol qabaachuu dada,uu ta'e, hawaasaa tokkoo keessatti bakka bu,aa ta,u wanta kan ta,eedha

Asoosama''Raaayyaa DHugaa'' jedhu keessatti jechoonni gosa adda adda ni argamu isaaniis jechoota loogaa,jechoota ergiisaa, jechoota tishoo,quusannoo jechootaa fakkii ni argamu.Kutaa kana keessatti haalli fayyadama jechoota maal akka fakkaatu ilaalla.

### 2.1.1.2 Jechoota Tiishoo

Jechoonni tiishoo jechoota hiikka qaban lamaa walitti fiduudhaan jecha hiika of danda'e tokkoof tokko ola qabu irraa ijaaruu jechuudha. Jechoonni kunis afaan oromoo keessatti haala lamaan ijaaramuu danda'a. Isaaniis sarara xiqqaan wal qabsiisuu fi walitti siksuun barreessuudha. Sarara xiqqaan wal qabsiisuu yommuu jennu, jechoota lamaan gidduu sarara xiqqaa(-) galchuun walqabsiisuu jechuudha.Fakeenyaaf ,gar-tokkee kan jedhu jechoota lama garafi tokkee kan jedhu irraa walitti dhufuun kan ijaarameedha.

### 2.1.1.3 Jechoota ergiisaa

Jechoota eergisaa jechuun afaan tokkoo keeessatti jechi waan tokkoo bakka bu'uu yoo jiraachuu baatee, jecha afaan biraa fudhachuun itti fayyaadamuu jechuudha. Akkasumaas dhiibbaa afaan naannoo sanaa karaa siyaasaatiinis ta'ee karaa aadaattin hin dhunfanne, afaan naannoo sanaa dhunfate irratti gahuu jechuun kaa'a.Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubannu, ergifannaa jechuun sagaleen Jechoota ergiisaa jechuun Afaan tokkoo keessatti afaan of dandae afaan biraa irraa jecha fudhatani iyoo itti fayyadaman kan mul'atu jechuudha. Kuniis yeroo bayyee jechi

kallattiidhaan jecha tokko ibsu yoo dhabamee fi jechi afaan sanaa keessatti wanta as ana ibsu ,loogummaa afaan sanaa kan birraa keessatti jecha saafuu yoo ta'e;afaan birraa irraa jecha wanta as anaa ibsuu fuudhanii itti fayyadamuu jechuudha. Yaaduma kana kan cimsu, ''Ergifachuun cee'insa jechaa, sagaalee fi seera afaan tokkoo gara afaan birraatti godhamuudha.

Akkasumaas O'Grady (1996:25) karaa biraan yoo ibsu,afaan tokkoo feedhii isaatiin jechoota kan ergifaatu irratti, dabalatan immoo jechoonni dhiibbaa addaa addaa irraa kan ka'e afaan tokko irraa gara afaan birraatti cee'uu danda'a. Dhiibbaawwan kunniiniis, dhiibbaa afaan naannoo sanaa karaa aadaatiiniis ta'ee karaa siyaasaatiin dhunfate tokko, afaan naannoo sanaa hindhunfanne irratti yookaan jechi afaan tokko gara afaan biraa keessattis cee'uun tajaajilaa kennuu jechuudha. Cee'umsi kuniis harka caalu dhiibbaa afaan tokko afaan naannoo isaa jiru irratti godhuun kan dhufu ta'uu isaa hubanna.

Yaada O'G(1996:25) kana kan ciimsu;Jaalalliin Abdurahamaan(1996:25) wabeeffachuun yoo ibsitu;

> *Bakka dhamjechoota yookiin latilee afaan oromoo keessaa argaachuu dhabnetti jaalannus jibbinnus niliqeeffanna .Haa ta'uu malee ilmi namaa akkuma waliitti dhufeenya isaatti wal irraa liqeeffata.Afaan tokko afaan birraa irraa jecha tokko fuudhaachuuf wal feedhiin uummataa afaanota walirraa ergifatanii jiraachuuqaba* Jaalallii**,***(2002:16)*

Yaada kanaa kan irraa kan hubannu ;afaan keessatti sagaleefii jecha waan tokko bakka bu'ee dhiibbaaf dhiibbatti nuuf ibsu yoo dhaabne, liqeeffachuun dirqama ta'uu isaa hubanna. Akkuma wakliigalaatti jechoonni afaan biraa irraa kan ergifamu afaan itti fayyadamnu sana keessaa jechoota moggaasa tokkoof fayyadan yoo dhabbamaniifi afaan tokko afaan bira irratti durddn dhiibbaa geessisee yoo ture jechoonni walirraa ergifamuun afaan lammaffaa keessatti fayyadamu.

### 2.1.1.4 Jechoota Loogaa

Loogaa jechuun garaagarummaa haala dubbii dubbatoota afaan tokkoo gidduutti mul'atu jechuudha. Kunis sababa fageenya iddoo dubbattoota afaan tokka gidduu jiru irraakan ka'ee , haala dubbii hawaasni naannoo tokko jiru fayyadamu, dubbata afaanumaa sanaa naannoo bira jiru itti hin fayyadamne yookaan hin hubanne jechuudha.loogni afaan tokko keessatti uumammu

knan danda’u,bal’ina lafa dubbattoonni afaan tokkoo irraa jiraataniifi dheerinaa umurii afaanichaa irraan kan ka’e uumamuu danda’a. Yaaduma kanaa barreeffamni cimsu ; ‘’loogaa jechuun garaagarummaa adda adda afaan tokko keessatti jechaan, seerluugaan,sagaleessuu fi dubbiidhaan hawaasaa tokko keessatti sababa garaagarummaa hawaasummaa fi naannootiin mulaatudha. yaaduma kana irraa akka hubbannutti Afaannoonni akka afaan ororoo bal’ina lafaa fi baay’ina ummataa hedduu qabu , looga garaagaraa qabaachuun beekama. Yaadonni as olitti ka’aniis, kanuma kan ibsaaniidha.afaan kamiyyuu looga qabatee guddinaa hin dhiisu. Guddachuufiis hojjiilleen kalaqa fi uummeen afaan tokkoof bu’uura hojjiileen kalaqa kuniiniis, kanneen akka Asoosamaa, Diraamaa,Walaloo fi filmiin isaan bebbeekamoodha.Barreessaan tokko yerooo Asoosamaa kalaquu deddeebbii keessaa looga naannoo isaatti dhimma ba’uu danda’a.sababni isaas looga inni asoosama keessatti itti fayyadame irra dhabbachuun, bakka fi yeroo seenaa su itti raawwate beekkuu danda’u.Kun ammo ergaa fiseenaa soosamicha hubbachuuf ga’ee guddaa qaba. Haata’uu malee jaalatamumma fi fuudhatamummaa senicnha irratti miidhaa guddaa qaba. Namoonni logaa birra dubbattan seenicha irraa hubachuu dhabuu waan danda’aniif ,barreessaan hojii uumee tokko seenicha yoommuu kalaqu loogaa waltaa’aa afaan jechaatti fayyadamuu qaba.

### 2.1.1.5 Jechoota Walfakkii

Jechoonni akkuma haala galuumsa isaaniittiin iddoo jechi tokko bu’u jechi birra bu’uun hiika walfakkaataa waliif kennuu danda’u. Jechoonni kunis uunkaan wal fakkaachuu baatan illee hiikaan kanneen wafakkaataaniidha. Barreeffamoota ogbarruu tokko tokko keessatti jechoonni akkana kunneen walitti annuun hammattuu keessatti yookan saraara habalakaatiin godhamanii kanneen barreeffamanii argamaniidha.Haa ta’uu malee jechoonni kunniin iddoo isaa tokkoo inni tokko hiika kennuu kanneen danda’anii fi bakka waliif bu’uu jechoota danda’aniidha.

### 2.1.2. Fayyadama Himaa

Himaa jechuun qindoomina jechoota ta’ee yaada guutuu tokko yookaan ergaa tokkoo dabsuu kan danda’aniidha. Himni kunis gaalee tokkoo yokaan tokkoo ol of keessaa qabaachuu danda’a. Yaadumaa kana barreeffamni cimsu. birratti fuudhatama qabu ta’ uu qaba.

*‘’ Himni qindaa’ina jechoota yookaan gaaleewwanii (gaalee maqaa fi xumumaa ) ta’ee kan erga guutuu dabarsu, kan dhumarratti tuqaa, mallattoo gaffii ,yookaan mallattoo raajeffannoo fudhaatuudha. Akkasumaas kan dubbattoota afaanichaa birratti fudhatama qabu ta’uu qaba’’.* Beekaan,( 2015:250).

Yaadni kun kan nu hubachiisu; Himni qindoomni jechoota ta’ee ergaa guutuu kan dabrsu, gochima yookaan xumurtuu kan of irraa qabu , akkasumaas gaalee tokko fi tokkoo ol kan qabu , sirna tuqaaleen kan deegerame ta,uu isaa hubanna. Fayyadama himaa jechuun barreeffama afaan tokkoo keessatti akkaataa ijaarminsa himaa wal duraa duubaan galchinee itti fayyadamnu jechuudha. Fayyadamni himaa kunis irraa caalaatti barreeffama og barruu afaan tokkoo keessatti kan nuu qunnamanii fi mula’atanidha. Haal fayyadamaa himaa ogbarruu keessatti karaa lamaan ilaaluu dandeenya.Isaaniis;

**2.1.1.2.1 Hima DHeeraa**

Jechoonni qohaa isaaniitti hikkaa ofdanda’e mataa isaanii qabu.Jechi tokko hiika tokko ol qabachuu danda’a.Yeroo jechoota biro waliin qindaa’ee dhaabbatu immoo hiikaa mataa isaanii iratti dabalaataan hiikaa lamaa fi lamaa ol qabachuu danda’a. Wallitti qindaa’ansi jechi tokkoo jechoota biraa wajjiin uumuun hiika keenan kunis hima jedhama. Malli barreessitooni ittin yaada ibsatan akka feedhii fi dandeetti barreessatti garagaraa haa ta’uu malee filannoo jechoota alatti akkaataan qinda’ina himaatootaa yaada ittiin ibsaatan keessaa isaa tokkoo. Barreessitoonni ergaa yaada guutuu qabu fi milka’aa ta’ee tokkoo dabarsuuf, dandeettii ibsuu bu’uura taasifaachuun jechoota iddoo adda addatti bahan tokkummaa akka uumu gochuun himoota ijaru. Himoonni ijaaraman kunniinis adeemsuma yaadonni wal qabachaa adeemuun dheerachuu danda’u. Yaadonni wal qabatanii hima dheeraa uuman kuniis dheerina himaa jedhama.

**2.1.1.2.2 Himoota Gaggabaaboo**

Himoota gaggabaaboo kan jennuun hojii kalaqaa yookaan og barruu tokkoo keessatti himoota baay’inni jechoota irraa ijaarame yookaan gaalee ini irraa ijaarame muraasa ta’aniidha. Barreessan ogbarruu yommuu barreeffama og barruu barreessu haala ittiin yaada fi ergaaabaarfaachuu barbaade hawaata fi mi’aawa godhuu yeroo baay’ee kan itti fayyadamuudha.

Himoonni kuniinis yeroo baay'ee barreeffama og barruu keessatti baay'inaan kan mula'atanii fi barbaachisoo ta'aniidha.

### 2.2 Sakatta'a Barruu Walfakkii

Kutaa kanaa keessatti qorannoowwaan qarannoo kanaan wal fakkaataantu sakkatta'ama. Anis amma beekumsa hojjiiwwaan gama fayyadama afaaniitiin ogbarruuwwan afaan oromoo irratti hojjeetaman kaniin beekuu fi argen wal birra qabee garaagarummaa isaanii fi wal fakkeenya haala kanaan ka'eera.

Hojiin qorannoo fayyadama afaanii irratti geggeeffaman keessa tokko qorannoo Jaalalli Haayiluun mata duree''Xiinxala fayyadama afaanii asoosama''Yaadanii'' keessatti.''jedhu bara( 2002) ALI hojjetameedha. Qorannoon kun fayyadama afaanii irratti kan hojjetame ta'uulee qoranoo kanaa irraa garaagarummaa qaba. Qorannoon Jaalalli kun itti fayyadama afaanii keessaatti fayyadama seer luugaa karaa dhamsaagootaan , karaa firoomii sagaleen, jechoota hirkatoo, irratti baay'inaan kan xiyyeeffateedha.qorannoon kun ammo fayyadama afaanii keessaa jechoot irratti kan xiyyeeffateedha.Yoommuu ta'uu, innis jechoota loogaa,jechoota ergisaa, jechoota tiishoo akkasumaas fayyadama afaanii keessaa himaa dheeraa fi himaa gabaabaa irratti kan xiyyeeffateedha .

### 2.3. Eenyummaa Qooddattoota

Qooddattoonni yeroo baayyee kan argamu asoosamoota barreffamaan garaagaraa keessatti yoommuu ta'uu qooddattoonni kun asoosamoota barreeffamaan sanaa keessatti ga'ee guddaa kan taphatanii jechuu ni dandeenya. Sababni isaa immoo osoo qooddattoonni achi keessaa hin jiraatin asoosamni tokko galma gahuu yookiin milka'uu hin danda'u. Sababni isaa immoo qooddattoonni kun asoosamoota barreeffamaan keessaa galuudhan asoosamni sun akka barreeduu yookiin miidgaguuf akka nama hawwattuu ,gahee guddaa kan taphatu qooddattoota asoosamicha keessatti argamanidha.Waanta'eef asoosamoota barreeffamaan hunda keessatti qooddattoonni gahee guddaa taphatu jechuu ni dandeenya.Kanuman wal qabatee asoosamaa ''Raayyaa DHugaa''jedhuu keessatti, Eenyummaan qooddattoota achi keessatti argamanii mal fakkaattu Kan jedhuudha kan ilaaludha. Innis; qooddattoonni kun, nama baraatee moo nama hin

baraneedha,nama badiyyaa moo magaalaadha, kan jedhu fi qooddattoonni yeroo achi keessatti haasaa taasiisan afaan malii fayyadaman kan jedhu.

Kanaa malees qorannoon kun immoo kitaabaa asoosamaa mata duree isaa ‘’Raayyaa DHugaa’’ jedhu irratti kan xiyyeeffatte  yommuu ta’u, kan Jaalalli immoo  asoosamaa ‘’Yadanii’’ irratti kan hojjetameedha. Inni lammaaffaa immoo qorannoo Anbassa Hundeen  mata duree ‘’Qaaccessa Fayyadama Afaanii Asoosama ‘’Dirmammuu’’keessatti ‘’jedhu bara 2003 ALI hojjeetameedha. Qorannoon kunis akkuma  kan Jaalalli mata duree inni irratti hojjetamee asoosamaa Dirmammuu irratti yoommuu ta’u, qorannoon kun immoo asoosama’’Raayyaa DHugaa ‘’ jedhu irratti kan hojjetameedha. Akkasumaas kan Anbassa fayyadama afaanii keessatti baay’inaan caasaalee karaa seer lugaan kan ilaaluudha. Inni sadaffaan immoo qorannoo Abdiisaa Buuqeen mata duree’*’Qaaccessa Fayyadama Afaanii Asoosama* ‘’Kuusaa Gadoo’’keessatti.’’ Kan bara (2002)ALI hojjetameedha. Daabaalatanis qorannoo Guutuu Mootummaan  mata duree” *Qaaccessa ittiFayyadma Afaanii asoosama* “Kabiir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo “ keessatti’’ jedhu bara 2002 ALI hojjatamedha. Qorannoon lamaanuu mataa dureen asoosama isaan irratti hojjetaman mata duree kana irraa adda yoommuu ta’u akkuma kan Jaalalli xiyyeeffannoon isaaniis karaa ser lugaa irratti kan xiyyeeffaattudha. Wal fakkeenyi qorannoo kana itti fayyadama afaanii haa ta’u malee ,”*Eenyummaan Qooddattota Asoosaamoota”*  kana keessatti hin ibsamne .

# BOQONNAA SADI: QAACCESSA RAGAALEE

**3. Ibsa gabaabaa wa'ee kitaabichaa**

Kitaabni asoosamaa mataa dureen isaa ''Raayyaa DHugaa'' jedhu kun Toleeraa Fiqiruu Gamtaatiinbara 2013 akka lakkoofsa Awurooppaatti barraa'ee. Magaalaafininneettimaxxanfame. Kitaabni asoosama kunis walii galatti fuula 204 kan qabu yoommuu ta'u, kitaaba kanaa namoonni gulaalan :Yuunvarsiitii Finfinneetti Barsiisaa Ogbarruu fi Fookloorii Afaan Oromoo kan ta'an,( DR) Xilaahuun Taliilaa, Barataa(MA) kan ta'an Muluaaleem Gurmeessaa fi Abdii Fiixee Qana'aa kan ta'aanidha.

Seenaa asoosamicha kanaa keessatti akka qooddattotti namooni maqaan isaanii kaa'ame;

Bultuum Odaa jaalalee Waadaa Dannaboo

Olaanii Dammee- Abba mana Meetii

Obbo Odaa Gadaa – Abba Bultuum

Obbo Guutaa - Abdiisaa

Meetii Dirribaa - Haadha mana Olaanii Dammee

Namoonni armaan oliitti maqaan isaanii barreeffame kuniin asoosamicha kanaa keessatti akka qooddattootaa ta'anii seenicha qooddataniiru. Namoota kanneen keessa seenicha jalqaaba hanga dhumaatti kan hirmaatte Bultuum Odaadha. Kanaafuu seenicha asoosama kanaa keessatigoobaan galessi seenichaa Bultuum Odaadha jechuudha. Seenaa asoosama kanaas gabaabiinaan yoo ilaalluu.

Asoosamni kun seenaan isaa rakkoowwaniif cunqursaawwan sirnoota mootummoota darbanii keessa bara dheeraaf uummataa oromoo naannoo suumaalee irraa ga'aa ture keessatti haali jireenyaa uummataa oromoo naannoo akkam sanaa akka ture kan agaarsiisuudha. Sirnoota kanneen keessatti uummanni oromoo Waqaa isaanii tokkichatti amaanannii tulluu fi malkaatti ba'anii kadhaatanii milkaa'aa turuu isaanii seenicha kanaa keessatti kaaseera. Uummanni oromoo naannoo Harargee ,anaa mi'eessaa, anaa bordodee keessa jiraatu lolaa akkamii keessa akka ture ibsasmeera.

Akkuma walii gaalaatti seenichi asoosamaa kanaa oromoo, oromummaa,dudhaa fi akkaataa uummanni oromoo soomaalee keessatti ittin jiraata ture kan ibsuudha.

Qaaccessi ragaalee qorannoo kanaas kitaaba asoosamaa mata dureen isaa raayyaa dhugaa jedhu kanaa keessatti itti fayyadamni afaanii mal fakkaataa kan jedhu irratti haala armaan gadiin ragaaleen funnaaman qaaccessamanii barraa'aniiru.

Firiiwwan og barruu garaagaraa wanta addaa i saan taasisuu fi haala ittin ergaa dabarfaatan mataa isaanii akkuma qaban, asoosamnis wanta ittin addaa ta,u keessa tokko afaan inni itti fayyadamuudha. Afaan midhagina qaba. Midhagni isaa kan inni mulaatuu dubbii fi barreeffamani. Barreeffamni hojii uumee tokko immoo karaa adda addaattin Ga'uumsa qabatee fayyadamaa afaanii ga'aa ta'ee hin qabu taanaan sadarkaan og barruummaa isaa gad bu'a. Midhagina yoo jedhamu wantoota barreeffama tokko keessatti itti fayyadamuuf filatamaan iddoo tokkotti waliitti guuruu jechuu miti.''Wantoota filataman sana iddoo fi haala fayyadama isaanii sirrii ta'een gargaaramuu danda'uudha.''**Jaalalli**2002:23)kanaaf immoo barreessichi danddeetti fayyadamuu afaanii qabachuu akka qabu boqonnaa lamaa kessatti ibsuuf yaaleera.

Kutaa kana keessatti asoosamni '**Raayyaa DHugaa''**Maal akka fakkatuu hanqina fi cimina isaattin ilaala kun fayyadama afaanii keessatti fayyadama jechootaa fi fayyadama himaa kutaa kutaan boqonnaa lama keesstti ka'aniitiin kan sakatta'u ta'a.

### 3.1. Cimina Mul'atan

#### 3.1.1 Fayyadama Jechootaa

##### 3.1.1.1 Jechoota Loogaa

Kitaabni kun jechoota loogaa muraasa fayyadamullee akka walii galaatti immoo jechoota waalta'oodhaan ergaa isaa dabarfateera. Cimina isaa kanas qabatamaan yoo ilaallu,Waadaan yeroo bultumiin mana hidhatti yoo argitu <u>utubaa manaa</u> kootu na jalaa jige jette.(123)

Akka yaada armaan olii irraahubannutti jechoonni himicha keessatti argaman hunduu waalta'aadha. Jechoonni lamaan walitti qabamanii jala sararaman immoo jechoota loogaa osoo

hin ta'in jechoota humanaa qabaniin yaada isaa bsachuuf barreessichi kan itti fayyadamedha.kun immoo akka ciminaatti ilaalama.

#### 3.1.1.2 Jechoota Ergisaa

Asoosamni kun  gama jechoota ergisaan cimina mataa isaa danda'e qaba.Kunis jechoota afaan oromoo keessattibakka bu'aa hin qabne yookiin hawaasni oromoo iddoo garaagaraajiraatan walumaan itti fayyadaman kan afaan oromoo afaan garaa garaa irraa ergifachuun itti fayyadamu barreessaan kunis itti fayyadamuun yaada asoosamichaa guutuu taasiseera. Jechoota kanas muraasa isaanii akka armaan gadiitti qooduun haa ilaallu.

#### 3.1.1.3  Jechoota afaan oromoo afaan ingilizii irraa liqeeffate

- Maashinii (64)
- Anbasaaddarii(82)
- Poolisii(85)
- Yuunversitii(87)
- Inispeekter (92)
- kaampaasii (93)
- preesii (47)
- Opdo (46)
- Televezyinii (23)
- Noorwayi(15)

Jechoonni afaan ingilizii irraa ergifataman kun afaan oromoo keessatti qofaa osoo hin taane afaanota biyya keenyaa fi alaa heedduu keessattis ergifatamanii kan tajaajilanidha.

### 3.1.1.4. Jechoota afaan oromoo afaan amaaraa irraa ergifate.

| Lakk. | Jecha Ergisaa | Afaan irra ergiifame | Hiika Jechicha | Fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Wuskii | Afaan amaaraa | Dhugaatii | 16 | 4 |
| 2 | Dormitiitarii | Afaan Ingiliizii | Kutaa bulmaataa | 17 | 2 |
| 3 | Bataskaana | Afaan amaaraa | Mana amantaa | 16 | 3 |
| 4 | Hoteela | Afaanamaaraa | Mana nyaataa | 118 | 3 |
| 5 | Fooqii | Aaan amaaraa | Gamoo, ijaarsa Guddaa | 46 | 3 |
| 6 | Aychalem | Afaan amaaraa | Hin danda'amu | 23 | 1 |
| 7 | Ajandaa | Afaan amaaraa | Dhimma marii | 29 | 5 |
| 8 | Mrqante | Afaan amaaraa | quufte | 33 | 5 |
| 9 | Faashinii | Afaan ingiliizii | Kan ammayyaa | 46 | 3 |
| 10 | Ishii | Afaan amaaraa | Tole | 95 | 3 |
| 11 | Kilinikii | Afaan ingiliizii | Mana yaala | 72 | 4 |
| 12 | Kiisa | Afaan amaaraa | giiphii | 73 | 2 |
| 13 | Malakee | Afaan amaara | safartuu | 81 | 4 |
| 14 | HY | Afaan ingiliizii | akkam | 141 | 3 |
| 15 | Ambaasaderii | Afaan amaaraa | Ogganaa | 82 | 5 |

### 3.1.1.5 Jechoota Afaan Oromo Afaanota Garaagaraa irra Liiqeeffate

- SHaraatan (46)
- Kirstoos (82)
- Daraaftii (27)
- Paantii (29)
- Istudiyyoo (67)
- Istaadiyeemii (67)
- Hospitaala (139)

Jechoonni kanneenjechoota afaan oromoo Afaanota garaagaraa irraa fudhachuun itti fayyadama jiruudha. Jechoonni kun afaan oromoo keessatti qofti liqeeffateekan itti gargaagaramu osoo hin taanee afaanoota garaagaraa keessattis kan itti fayyadamaniidha.Kanaafuu barreessan asoosamicha kanaa jechoota jechoota kanneen haala kanaan itti fayyadamuun isaa cimina isaatti.

## 3.2 Hanqina Mul'atan

### 3.2.1 Fayyadama jechoota

Boqonnaa lama keessatti jechi waanta sagaalee irraa uumamuu fi kan hiikka qabu , kutaa seer luugaa afaanii taúu isa kaafnee ture. Kutaa kanaa keessatti gosoota jechoota asoosamaa Raayyaa DHugaa jedhu irratti hunda'uun jechoota loogaa, jechoota ergiisaa,jechoota tishoo, jechoota fallaa fi jechoota wal fakkaatan(walfakkii) jechoota argaaman baafnee qaaccessina.

Jechoota loogaa kan jenuun akkuma boqoqonnaa lamaa keessatti keessatti ka'e jechoota sagalee dubbii afaan tokko keessatti argaaman kanneen dubbattoota afaan tokko gidduti wal daangeessan jechuudha. Innis kan uummamu bal'ina teessuma lafaa dubbattoonni afaan tokko dubbatan irra jiraatan bu'uureeffachuun daangaa afaan tokko gidduutti uumamuudha.garaagarummaan loogaa kunis karaa sagaalee, jechoota fi seer luugaa ta'uu akka danda'uu kutaa isaa duraa keessatti ibsaame jira. Jechoonni loogaa asosamicha keessatti hojii irra oolaniis kanneen armaan gadiitti.

- guyyaan isaa jimaata ganaama subii Addee Qananiin bitima duraatti buna danfisajirti(13)
- . Abba Kumaa naa dhaggeessissuuf laata ''ol baastee dubbachuu baatuus garaa ishee keechatti(17)
- ....naa dhageesiftee agaa dhaga'i(19)
- ....”jarana kanarra maal eegaana hirmii haa baafanuu ''...(25)
- namni duraan dubbisneef sun illee lubbun boqotaniiruu (29)
- Asham mare,haroon garjii bokkee yaa mare (37)
- Boosat jechuun tulludha dirree ulfootti. (39)
- Tulluun kun beekama fi Uleffamaadha. (39)

- uffata aadaa naannicha gubbaan wandabboo,jalaan tilii fimormaatti immoo (48)
- Hoolaa kuufisee qalee adda isaa dhigan bile (64)
- Ilmaan koo beeloftee ,akka hi dheebonne ,akka hin daree yaboon isiinin jedha (67)
- kuunniin ni ququmaaduu (111)
- warri beedee ganda daasten garuu dhugaatti isaanii haaleelanii waan quufaan hin fakkaataan (111)

Jechoonni armaan oliitti jaala saraaraman asoosamaa kanaa keessatti ergaan asoosamichaa yaada jechoota kanaan ibsamu hubaachuuf rakkisoo ta’anii argamaniiru.Jechoonni kunneen jechoota loogaa naannoo tokko ta’uu danda’u. kanaafuu dubbattoonni afaan oromoo naannoo biraa jiraatan jechoota kanneen hubbachuu hin danda’an ta’uu danda’a. Kanaa jechuun immoo ergaan asoosamicha kanaa uummataa oromoo maraaf wal qixaa akka hin hubbatamnnee taasiiseera jechuudha.

kanaafuu barreessaan asoosamichaa jechoota kanneen jechoota loogaa naannoo tokkoo ta’uosoo beekuu fayyadamuun isaa hanqina isaati.

**Gabatee Jechoota Loogaa**

| Lakk | Jechoota loogaa asoosam-ichi itti fayyadame | Iddoo inni itti Dubbatamu | Looga waalta’aa |
|---|---|---|---|
| 1 | Bitama | Shawaa | Karra |
| 2 | Keecha | ‘’ | Keessa |
| 3 | Teechisee | ‘’ | Teesisee |
| 4 | Too | ‘’ | Koo |
| 5 | Dhageeche | ‘’ | Dhageesse |
| 6 | Daabee | ‘’ | Shurrubaa |
| 7 | Boqotaniiru | ‘’ | Du’aniiru |
| 8 | Huura | ‘’ | Dunfura\dheeraa |
| 9 | Tilii | ‘’ | Shurraaba qooma |
| 10 | Ulfotti | ‘’ | Kabajaati |
| 11 | Teenya | Arsii | Keenyaa |
| 12 | Tee | ‘’ | Kee |
| 13 | Isii | ‘’ | Ishee |
| 14 | Tun | ‘’ | Kun |
| 15 | Tana | ‘’ | Kana |
| 16 | Furaa | Shawaa | Wayyaa’aa |

### 3.2.2. Jechoota Ergiisaa

As jalatti kan Qaacceffamaan jechoota afaan oromoottin alaa ta'anii fi dandeetti afaanii dabaalataa kan qabataaniidha. Boqonnaa Lamaa keessatti akkumaa ibsaamuuf yaalameetti afaan tokko afaan bira irraa jechoota kan inni ergifaatu, afaan sanaa keessatti jechi wanta tokko bakka bu'uu yoo jiraachuu baateedha.kanaa alaa jechoonni afaan birra dhuufan faayidaa inni afaan sanaaf buusu irraa miidhaa inni afaanicha miidhuutu irraa caalaa jechuudha.

Haalumaa kanaan jechoota ergiisaa Asoosamichaa kanaa keessatti seeraan alaa ergiifataman alaa armaan gadiitti ilaala.

- Olaaniin Namuusaa guddaa mooricha keessaa jiruun **mirqaane**..... (23)
- ''Har'a galgala garuu yeroo garii isheef keennuun qaba.'' **Beellama** ishee wajiin qabu yaadacha....(23)
- ...Harka bitaan **Televiizinii fi Friijiin** bakka garii qabatanniru (23)
- Yuunversiitii Jimmaa seenee barnoota **Sooshiyooloojii** qara'e (24)
- ... Yuun ver siitii Fnfinneetti barnoota **Antroploojiitiin** digirii lammataa argaate (24)
- **Ajandaa** wal ga'ii keenyaa har'as dhimma isaa lammata kanaa ilaalata. (43)
- **Waawu** waan guddaa dubbatte Olii ... (81)
- **Wuskii** isaanii unachaa akkaataa isaanitti toleetti dhichisaa ..... (16)
- Taaksii kooranii daandii **Anbasadarii** gara Boolee qabatanii qajeelan ((82)
- ...Mooraa **Hospitaala** miniiliki Finfinnee jiruu keessaa namoonni heddumminaan socho'u.(139)

Jechoota kanneen gara afaan oromootti deebifnee bakka bu'aa jechoota kanneen afaan oromoon yoo keenyuu.

- Ajandaa- galmee \dhiimma marii\

- Mirqaane- /Quufee/
- Wawu!-   waan namaa dinquu\ namaa dhibbu\
- Jimilaa-  /walii gala/

Jechoonni armaan olii kunniin afaan oromoottin hiikka wal taáa dhabbanilee loogota garaagaraa afaan oromoo keessaa barbaadanii yoo waaltessan jechootajechoota hiikka dhuunfaa isaanii qabaniidha.Fakkeenyaaf jechi afaan amaaraan ‘’Ajandaa’’ kan jedhu afaan oromoon Galmee ykn dhiimma marii jedhamuun beekama .

Haaluma kanaan jechoonni haafan kunninis hiikka mataa isaanii qabu. Jechoonni kuniin haala kanaa asoosamaa kanaa keessatti argamuun isaanii gamisaan ergaan asoosamicha akka hiraátu taasisuun, eenyummaa isaanii gadhiisee miidhaginaa akka dhabbu taasisaa. Kanaa malees jechoonni barbaachisummaa malee ergifataman, jechoonni afaan oromoo bakka sanaa bu’anii taajaajilaa akka irraanfataniif adeemsa keessaa haqaman gochuun afaanichi akka of dandaée hin dhabbanne gochuu dandaú.Kanaafuu barreessaan  jechoota barbaachisummaa isaa malee ergifaachuun dadhabinaa isaatti.

### 3.2.3 Jechoota Tiishoo

Akkuma boqonnaa lama keessatti ibsuuf yaalametti jechoonni tishoo jechoota hiikka qaban lamma walitti fiduudhaan  jecha hiikka qabu tokko fi bayyachuu ykn danaachuu dandaú **uumuu** jechuudha.Jechoonni tishoo tooftaa laman ijaaramuu danda’u. Isaaniis tokko sarara xiqqaa wal qabsiisuu fi walitti siiksuun barreessuudha. Jechoota asoosamaa ‘’Raayyaa DHugaa’’ jedhu keessatti argamaan keessaa tokko jechoota tishootti. Akkumaa jchoota kanaan duraa ilaallee fayyadamaa jechoota kanaa irrattis dogongorri tokko tokko mul’achuun isaanii hin olle. Jechoota kanneenis muraasaa isaanii akka armaan gaditti haa ilaallu.

| Lakk. | Jecha Tishoo | Jecha isaan irraa uumaman | fuula | keeyyata |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Og-Barruu | Og fi Barruu | 11 | (2) |
| 2 | Gar-lammee | Garaa fi lama | 15 | (3) |
| 3 | Fuul-duraa | Fuula fi duraa | 17 | (3) |
| 4 | Wal-lole | Wala fi lole | 18 | (2) |
| 5 | Haq – qabeessaa | Haqa fi qabeessaa | 53 | (3) |
| 6 | Guddu- Galeessaa | Gidduu fi galeessaa | 54 | (4) |
| 7 | Qub –guddeesaa | Quba fi guddeessa | 63 | (2) |
| 8 | al –tokko | Alaa fi tokko | 66 | (5) |
| 9 | al – kallatti | Alaa fi kallatti | 73 | (3) |
| 10 | bar- kumee | Bara fi kumee | 102 | (2) |

Akka seeraa jechoota tishoo uumuutti jechi jalqaaba sagaalee gabaabaan xumuramaa yoo ta’ee sagaaleen gabaabaan xumuraa jechaa irratti haqamuun jechoonni lamaan sarara xiqqaan wal qabata. Haaluma kanaan Adeemsa jechoota uumuu kitaaba kanaa yoo ilaallee, jechoota tishoo armaan olii irraa dogogorri ni mulata.

Fakkeenyaaf:jechi tokkichi gurraacha’e **‘’Haqa qabeessaa’’**kan jedhu seeraa tisheessuu lamaanuu hordoofee hin barreessinee. Jechi “ Haq-qabeessaa’’jedhamee barreeffamu qaba. Kan bira immoo jechoonni seeraa tishuun wal hin qabanee jechoota armaan olii keessatti jechoonni lucceeffamanii barreeffaman kan hin Tisheeffamaaneedha.garuu kitaabicha keessatti seeraa tisheessuu fakkeessuudhaan sarara xiqqaan wal qabsiifamaniiruu. Jechoonni kunniin jechoota of danda’anii qophaa dhabbatanii malee jechoota wal qabsiisuun hiikka tokko ykn heddummaatan miti. Kanaafuu jechoota kanneen sarara xiiqqaan wal qabsiisuu daadhabbun hanqina barreessaa kanaatti.

### 3.2.4 Jechoota Faallaa

As jaalatti kan dhiyaatan jechoota afaan oromoo ta’anii , faallaa walii kan ta’an garuu barreessaan asoosamicha waliin qabe kan itti fayyaadametu asoosamicha keessaa sakkatta’ama. Jechoonni faallaa jechoota hiikka fuggisoo waliin qaban ykn waliif keenaanan yoo ta’an, jechoonni kunis hojjii uummee ykn og barruu keessatti yeroo bayyee waliin argaamu.sabani

isaas waroonni og- barruu sanaa irraa yoo waa hubbatan wal cinaa qabanii faallaan waan hubataniif faallaan waanta sanaas akka jiraatu akkaa beekkaniif barreessitoonni og-barruu itti fayyadamu. Jechoota kanaa keessatti ragaa qabatama akka armaan gadiitti ilaalla.

- **Bitaa fi Mirgaa** daandichaa irraa dhaadannoon garagaraa akka cabbiiti. (30)
- Garasuunis mataa isaa **Oii fi Gad** raasaa gara Bultumitti deebi'e. (3)
- ... **Baratoota fi Barsiisoota** wa'ee sochii kanaa ibsuu danda'an kunnoo as jiru. (30)
- Takka **Shilim** jecha **Dammaqaa** Otuma jettu lafatti itti barite. (38)
- Iddoo Ulfoo fi Kadhannaoromoon itti beekkamu keessa **Tulluu fi Malkaan** isaa hangaafatti. (40)
- Ollaa fi gaandi **Xiqqaa fi Guddaan** wa'ee Bultuum Aja' ibsifate (58)
- **Qarri** mutaa irraa jira **Doomni** siiqqee irra jira. (82)
- Akka **Hangafa fi Quxusuun** eebbifatanii nyaatanni dhuguu ( 88)

Jechoonni kunniin kitaabicha kanaa keessatti faallaa walii ta'anii garuu wal qabatanii argaamaniiru. Barreessaan kitaabichaa jechoota kanaan kan fayyadameef qalbii dubbisaa hawwatee ergaa isaa galmaan gahuuf dubbistoonni isaa gad fageenyaan yookiin argaa yaadan akka seenicha argaaniif fayyadameera.

### 3.2.5 Jechoota Walfakkii

As jaalatti kan qaacceeffamaa jechoota wal fakkaataan yookiin jechoota afaan oromoo hiikka tokko qaban kanneen argaa asoosamichaa cimsuuf akkasumaas yaada sanaa kallatti dubisttonni akka hubatan gochuuf dabalataan galaan qaacceffamaanii bahaniiru. Jechoonni kunniin halumaa armaan gadiitti ka'amaniin bifa hammatuuttin jechoota duraa irratti irkkataanii kitaabichaa keessatti barra'aniiru. Jechoonni kunis qabaataman haala armaan gadiin bara'aniiru.

Leenjii (shaakala) 21

Bakka (Iddoo) 112

Filannoo (Kennata) 176

SHoora (Gahee) 47

Dallaan (Mooran) 49

Bookkuu (Jirma) 66

Barreessaan kitaaba kanaa jehoota kanaa haala kanaan dabalataan itti ida’ee barreessuun isaa akka cimina isaatti ilaalama. Dubistoonni asoosamichaa kutaalee oromiyaa garaagaraa keessatti argaaman dubbisanii akka irraa hubbachuuf carraa ball’a baneefii jira. Jechoonni kunneen iddoo tokko tokkootti jechoota looga ta’uu waan danda’aniif daballatanilee akka hubbataniif carraa bal’iseera.

### 3.2.6. Fayyadama Himaa

#### 3.3.6.1 Himaa DHeeraa

Akkuma boqonnaa lama keessatti ibsamu yaalameetti dheerinni fi gaabaabni himaa mala barreessaan tokkoyaada isaa ibsachuuf itti fayyadamu keessaa isaa tokkodha. Barreessitonni tokkotokko himoota dheedheeroo ta’anitti fayyadama tokko tokko immoo himoota gaggabaaboo yaadaisaanii ibsachuuf bay’inaan hojii irra oolchuu kan biro immoo lamaan isaaniiyyuu wal keessaamakuun haalli isaan itti fayyadamaan ni jira. Himoonni dheedheeroonnis ta’e gaggabaaboon seeraan hojii irraa ollan gama yaada balisuu fi salphisuutiin fayyida mataa isaanii qabu.

Hammi himoota dheedheeroo lakkoofsaa fi jechootaan hangana jedhamee wanti beekame jiraachuu baatuus ,haala wal madaaleen himoota Barreeffama tokko keessa jiran fuudhachuudhaan baay’ina jechoota isaanii wal madalchisuun haala salphaa ta’een adda baasuun akka danda’amu boqonnaa lamaa keessatti kafnee jira. Haaluma kanaan asoosamni kuniis himoota dheedheeroo, himoota gaggabaaboo fi himoota wal madalaan heedduu fayyadameera. Kanneen keessaa ijaarsa hima dheeraa irratti rakkoowwaan tokko tokko ni mulatu.

Asoosamaa ‘Raayyaa DHugaa ‘’keesatti himoonni dheedheeroon tokko tokko darbanii darbanii ni mulatu . Himoota kana irraa dadhabni ta’ee ciminni mulatu jira. Hanqina fayyadama himootadheedheeroo irrattin mulatan fakkeenyaa fuudhachuun haa ilaaallu.

> *Obbo Olaanii ikan akka jajjabeessuuf jaalala duri Bultumii waliin dabarsaniif malee akka sirna bulchinsatti yeroo sanaa namni akkas nama jajjabeessuu dhiisittii sirnuumanuu kan namaa keessumeessee dhiimmaa namaa baasuu argaachuun bayyee rakkisaadha. Waadaan haala isaa kanaatti bayyee gammadde, kun dhugummaan hiriyyaa Bultumii kootti jetti karaa gubaa akka namaa reefu maraatuun jalqaabduu gammachuudhan kopha dudubachaa takka takka ammo ni ililchiti.namni karaa deemuu kan ishee hin beekne maraatuudha jedhanii bira darbu.Namoonni ishee beekkan tokko tokko mal akka tatte waamanii gaafatanis isheen isaan quba hin qabdu warri olla dubii hati mana Bultumii maraatte jirti kan jedhu dhaga’anii qe’ee Bultumii gutaanii jiru. Waadaan yoo mana geessu ummanni waan gammachuu ishee dhaganii dhufaan seetee ililchaa, irraa deemtee harkaa fuudhaa Bultumii argaamee baga gammadan jettiin Hawaasni naannichaa amaanuu dadhaabbe dubbiin akka isaan yaadaniin faallaa ta’e, qee’e Bultumii mana cidhaa fakkaatte.ofii eessummaa jira inni jedhu namoonni tokk tokko ‘’Dirree waraanaa irraa xalayyaa naaf erge’’ jette.Haadhaa fi abbaan isaa guddaa gammadanii ‘’yaa waaq baguma lubbuun jiraachu isaa nuu dhageechifte, bor immoo isa nuuf fiddi fiddanoo kiyya’’ jedhan.Waadaan akkuma namaa dubbiseetti kan Obbo Olaanii xalayyichi Bultumii Dirree waraanaa akka jiru ibsaa jedheen uummataaf ibsite. (129)*

Keeyyani kun jechoota dhiibbaaf torbaatamii torbaa fi himoota dheedheeroo sagal irraa kan ijaarameedha. Himoonni keeyyataa kanaa keessatti argaamanis jechoota kudha shanii kaasee hanga jechoota sodomii sadeetitti kan qabaniidha.Himni hkun asoosamaa keessatti haala kanaan dheerachuun isaa dubbistoota nuffisisuu ( jibbiossisuu) danda’a.Kanaa malees dubbistoonni hima jalqabaa dubbisanni hanga hima xummuraatti yeroo deeman himni jalqabaa maal akka ibsuu irraanfachaa deemu danda’u. Kun immoo dubbistoonni yaada himichaa akka hin hubanne taasisuu danda’a. Akkasumaas midhaagina asoosamichaa dhorksa. Dabalataaniis himni garmalee dheeranaan walsimaanaa dhabuu matimaaf xumuraaf ka’uumsa ta’uu danda’a. Kanaafuu himni kun gabaabaatte akka kanaan gadiitti otoo qindaa’ee garii ta’a.

Obboo Olaaniin kan akkanatti jajjabeessuuf Bultumii waliin hiriyaa garii waan waliif turaniif. Waadaan dubbii isaatti bayyee gammade. Inni dhugummaan hiriyaa Bultumii jettee gammachuun karaarra oliif gad burraqxi. Namoonni ishee hin beekne maraattu jedhanii ishee bira darbu.Namoonni ishee beekkan wamanii ishee gafaatanis isheen hin dhageessu.Warri olla

hati warra Bultumii hin maraatte jechuu dhaganii qe'ee ishee guutan.Waadaan yeroo qe'ee geessu gammachuu dhaga'anii dhufan seetee irra deemtee baga gammadan jettin.Dubbiin akka ollaan yaadaniin faallaa ta'e.Qe'een mana fuudha fakkatte. Namoonni tokko tokko Waadaan yoo gaafatan '' Dirree waraanarra waraqa naaf erge''haadhaaf abbaan gammachuudhan ''yaa waaqa baguma jiraachuu isaa nu dhageechifte.Bor immoo nuuffidi''jedha. Waadaan akkuma namaa dubbisee waraqicha irraa ummataaf ibsite.

> *Aniis bultii waliin ijaarree utuu laallee wal hin quufiin dirqamni sirraa nafuute;hundafuu waqaa naaf kadhuu ; Abboofi Aayyoon nagaadha? Micaan koo barumsa jalqabee? Eegaa yaa matii koo isiniis laftin hin dhiitee bariitu wa'ee koo yadani'' garaa nutti jabaate taa'ee jechuun keessan hin oolu;jireenyi looltu jiruu abdii hin qabneedha.Amma jira otuu jettu tasuma dhabda (116)*

Keeyyanni armaan olii hima tokko irraa kan ijaarameedha. Himni tokko golabbii yaaduu osoo hin qabaatin hammana dheeraachuun isaa, yaada darbu hubachuuf rakkisaadha. Dubbistoota iffachuun feedhii isaan dubbisuuf qaban irraa hirisuu danda'a.Kanaafuu himni kun otoo haala armaan gadiin ciccite barreeffame garii ta'a.

Anaaf atiis bultii waliin ijaarree utuu ilaalle wal hin quufiin dirqamni sirraa addaan naa baase.Hundaafuu waqaa naaf kadhadhu. Waadaa koo Abbaa fi Aayyoon nagaadha? mucaan koo barumsa jalqabee? Eegaa yaa matii koo isiniis lafti dhiitee bariitu wa'ee koo yaadanii ''garaa nutti jabaatee ta'ee'' jechuun keessaan hin oolu. Jireenyi loltuu jiruu abdii hin qabneedha amma jira utuu jetuu tassuma dhabda.

### 3.3.6.2. Gabaabina Himaa

Kitaabni kun himoota gaggabaaboo baay'inaan kan hin fayyadamneeyeroo eebba manguddootaa taasisu yeroo faaruu hawaasaa faarfachiisu fi darbee darbees keeyyattoota keessatti itti fayyadame jira himoota gaggabaaboo kanneenis qabataman yoo ilaalu, *innis beeka gaafate malee akkuma isheen olseenteen beeka. Xinnoo akka caalisuu ta'ee takka da'ima takka immooo haadha ilaala. ''Maal ta'uu isaatti namichi kun'' yaadan buustee baasaa(62)*

Keeyyanni kun himoota gaggabaabboo sadi irraa kan ijaarame yoo ta'u tokkon tokkon himoota kanaajechoota torbaa irraa kasaanii kan ijaaramanii fi himni isaan sadeen keessaa jechoota ol'anaa qabuus jechoota sagal kan of keessaa qabudha. Himoonni tokkon tokkon isaanii

xiyyeeffannoo dhimma tokko kan of keessaa qabanii fi eerga guutuu kan dabarsaniidha. Barreessaan kunis jechoota akkanatti kan inni itti fayyadameef yaadicha barbaadee sanaa salphaatti ibsuuf dubbistoonni isaa akka dafanii hubataniif.

Himoonni kuns gaggabaabboo ta’uun isaanii eergaa barreeffamichaan darbu ifa gochuu isaaniittin alatti,akkaataan ibsinsa isaa dubbistoota kan kakaasuudha.

Namootni muuraasni waliin haasawaa gara mana ofii deebi’a jiru.

Muraasni ammo qe’eema keessaa ta’anii haasawu.Waadaanmataa Bultumii teessee imimaan roobsaa jirti. Shamarran ollamanuma Bultumii buna danfisanii eegaa jiru.(62)

Himoonni kuniin himoota ta’iiwwan gocha raawwachuuf deemu tokko dura ta’iiwwan turan agarsiisuuf kan galaniidha. Tokkon tokkon himoota keeyyata kanaa keessatti argamanii jechoota jahaa hanga sagaliitti of keessaa qabu. Jechoonni keeyyaata kanaa keessaa jiran baay’inaan soddomii lama yoo ta’an himoota sadiin qinda’anii dhiyaataniiru.

Gabaabachuun himoota kanaa eerga himoota kannaa darbuuf xiyyeeffannoo kennuudhaan ibsichaaf immoo miidhagina dabalata.

### 3.3 Eenyummaa Qooddattoota

Akkuma boqonnaa lama keessatti ibsaamuuf yaalameetti Eenyummaa qooddattoota jechuun qooddattoonni yeroo baayyee kan argaaman asoosamaa keessatti waan ta’eef qooddattoonni kun immoo asoosamaa sanaa keessatti mal fakkaattu kan jedhu kan ibsuudha. Eegaa qooddattoonni assoosamoota keessatti argaman keessatti gahee guddaa qabu sababni isaas immoo, osoo qooddattoonni achi keessaa hin jiraattin asoosamni tokko milka’uu yookiin galma ga’uu hin danda’u. Sababni isaas qooddattoonni asoosamnni tokko akka namaa hawwatuuf ,akka midhaguuf yookiin bareeduuf gahee guddaa kan taphatu qooddattoota achi keessatti argamaan waan ta’eef, asoosamaa tokko keessatti qooddattoonni gahee guuddaa taphatu jechuu dandeenya. Kanumaan wal qabatee asoosamaa raayyaa dhugaa jedhuu keessatti eenyummaa qooddattoota yoo ilaaluu immoo eenyummaan isaanii mal fakkaataa kan jedhuudha. Innis;qooddattoonni kun namaa baratee moo namaa hin baraneedha,namaa Baadiyyaa moo Magaalaadha, Bifaan maal fakkaatu kan jedhu fi Qooddattoonni achi keessatti argaman yoommuu waliin haasa’an afaan

malii fayyadaman kan jedhu tokko tokkoon akka ilaalluuf qorataan kitaaba kanaa keessaa dubbisee funaanuun haala armaan gadiin qaaccesseera.

### 3.3.1 Bultumi Odaa

Bultumi Odaa godinaa Haragee lixaa Anaa Asabootti dhalatee kan guddatte yoommuu ta'u nama magaala dheeraa mataa luuca sinboo qabbeessaadha. Feedhiin gaazexessaa ta'uu isaa waliin hin guddanne. Haa ta'uu ,malee haala fi adeemsi jireenyaa ogummaa kanaa keessa isaa galchinaan hundaa caalaa jaallate.

Kan inni guddatte qe'ee abba fi haadha isaatti miti. Akaakkayyuu isaa Obbo Gadaatu waan hundaa ta'ee isaa guddise. Eenyummaa isaa qaruu keessattis dhiibbaan akaakayyuu isaa ol anaadha. Waan aadaa kan saafuu biyyaattin isaa guddisaan.

Eergaa guddatte of baree booda immoo haqaa barbaaduun ... dhugaa dhokkatte sakkatta'uun sammuu keessaa bakka guddaa qabate hawaasni inni keessaa jiratu kun dhokksa guddaa of duuba kaa'ee jireenyaa duwwaa waan jiru itti fakkaataa.

Barnoota Luga Ambaan yuunvarsiittii Jimmaattii eergaa golaabee booda, koolleejjii garaagaraatti barsiiseera.Haa ta'uu malee hojiin kun haqa dhokkate sakkatta'ee uummataa isaatti muli'suuf feedhii inni qabu guutuufi hin dandeenye. Kanaaf hojii isaa garaa gaazexeessumaatti jijjiiruf kutate.Sabni isaas Bultum ergaa guddatte Akkaakuyyuun isaa wa'ee aadaa durii fi seenaa qabsoo bilisummaa Oromoo guyyuu kanaa yeroo isaatti odeessaan ''Haqa irratti katabi''itti jedhu turan.

Ergaa guddatte of barree booda immoo haqa barbaaduun dhugaa dhokkate sakkatata'uun sammuu isaa keessaa bakka guddaa qabate e Bultum hawaasni inni keessaa jiraatuu kun dhoksa guddaa of duuba ka'ee waan jireenyaa issaa itti geggeessuu fakkaataa .

### 3.3.2 Odaa Gadaa

Obbo Odaa Gadaa abba Bultumidha. Namoota qabsoo Oromoo dhi'aa Harargee naannoo Asabootti keessatti geggeeffamee ture keessatti hirmachuun dachii bal'aa to'annaa bulchinsa nafxeenyaa jalaa bilisoomanii turan keessaa Obbo Odaan isaan tokko. Akka Akaakayyuun isaa isaaf oddeessanitti Oromoon Asaboot jirachaa ture baras yeroo muraasaaf bulchinsaa cunquursaa

jalaa of bilisoomsee ture. Sanaa booda garuu humnaa waraana meeshaa gurguddaa Awuroophaa hidhatetu isaa irratti duule.

Abbaa Bultum Obbo Odaanis duula kanaa keessatti wareegame Haati isaas osoo inni daa'iman jiruu boqote .

AS keessatti kan arginu Obbo Odaan namaa wareegama gudda saba isaaf kan kaffaleedha.Haa ta'u malee Odaa Gadaa nama baratteef hin baraannedha kan jedhu ibsaame hin jiru.Akkasumaas nama badiyaa moo magalaa akka ta'ee ibsaamee hin jiru.(18)

### 3.3.3 Olaanii Dammee

Olaanii Dammee godina Iluu Abbaa Booraa , Magaalaa Bedelletti dhalate guddatte . Matiin isaa kan hojii qonaa fi daldala geeggeessan walfanaa  jireenyaa garii kunuunsanii guddisaan.Tahus feedhiin isaa fi kan matii isaa wal fuudhatee hin beeku. .. isaan Ayyaana baayyisuu.. sababa uumanii dhangaa qopheessanii washakatu. Inni garuu qoofumma cimsee barbaada. Gaafa mtiin isaa dhangaa qopheessanii firaa fi olla wajjin washakkatan inni immoo kitabota isaa qabateeuumama wajjin marii ta'a. Waldaa namoonni irratti wal ga'an seenee dhugeeffannoo nameenya isaa wajjin wal hin fudhanne raata'uu manna malkaa bu'ee... gaara koree...urufarra garmaamee uumamaa wajjin haasa'uutu lubbuu isaa gammachiisa.

Olaani Dammee Hiriyaa Bultum Odaatti osoo bu'a ba'ii jireenyaa sakkata'uu mudannoon hiriyaa isaa Bultumin muddate isaa muddatte. Kanaaf bararee mi'eessoo bu'ee waan Bultum oddeeffachuuf muddame. Murtiin isaa kun garuu gatii cguddaa isaa baasisuuf deema. Bultumin gafaachuuf yeroo ka'uu garuu hadhaa mana isaa irraa heyyamma hin argaane. Dubbii inni ishee wajjiin taasise sammuu isaakeessaa naana'ee ‘’ Hangam akka ati Bultum jaalatuu argera. Garuu anis sii dhabbee jiraaachuu akka hin dandeenye naaf baari. ‘’Egaa dhaga'i gocha bultii keenya balaaf saxilu irratti yeroo ati boobatuu caaliilisee sii ilaaluu hi danda'u.  Filannoo kan keetti . Haala kanaan naa dhiftee yoo deemtee garuu waliin jireenyi keenyaa gaffii guddaa keessaa akka seene hubbadhu.Olaaniin yeroo jechoota ishee kanaa dhaga'uu ni gadde ni na'es jalaala Meetii fi Bultumiif qabu wal bira qabe xinxale. Lamaanuu laphee isaa keessaa bakka guddaa qabu.Bultum garuu...

As keessatti kan agarru Olaanii Damee akka nama baratee osoo hin taane akka nama hin baratinidha. Sababni isaa namni barate namaa wajjin tokkummaa cimsatee, jaalaal horatee jiraata malee nama baqachuu hin qabu ( fuula 20).

### 3.3.4. Lammeessaa Hundarraa

Lammeessa hundarraa dhalatee kan guddate handhuura oromiyaa magaalaa Finfinnee kaabaan kan daangessitu Sulultaatti kan guddatedha. Lammeessaan barattoota bara 1970 keessa sochii jijjirama guddaa akeekkatanii waraqaa isaatti makaman keessaa isa tokko. Bara kana yuunivarsitii Finfinnee kiiloo ja'a barataa ture. Baras uummattoota biyyaatti biliisummaa guutuu akka gonfataniif, hiriyoota isaa wajjin itti gaafatamummaa fudhatee qabsa'aa ture. Lammeessan hiriyoota isaa wajjin sochii kana keessatti osoo hirmaatuu duulli "qey shibbiri" jedhamu eegalame. Sababuma kanaan hiriyoota isaa afur wajjin fuullee yuunivarsiittii kiiloo ja'aatti hanga lubbuun isaa keessaa ba'utti reebame.

Qooddataan kun as keessatti nama magaalaati, nama baratedha. Garuu lubbuun hafus arrabni isaa hin dubbatu , gurri isaa hin dhaga'u, qaroon isaa garuu ni arga. "nama kaayyoon isaa sakaalame:...mul'atni isaa same...afaan isaa luugame... dhageettii isaa duuchame, qaroon isaa hawwii jireenya isaa arguuf akka dharra'etti hafedha.

As keessatti kan argiinnu  Lammeessaan nama waliin yeroo haasaa tasiisu afaan oromootti kan fayyadameedha. Akkasumaas nama baratee fi namaa magaalaatti dhaalattee guddaateedha.(28)

### 3.3.5. Meetii Angaasuu

Meetii Angaasuu umurii ishee daa'imummaatti, baadiyyaatti dhalattee daa'imummaadhuma sanaan garuu baadiyyaa baatee adaadaa ishee bira teessee magaa

Finfinneetti barnoota ishee baratte. Meetiin as keessatti mucaa daa'ima turte. Yeroo mana barumsaa adaadaa ishee biratti galtu umuriin ishee daa'ima haata'u malee, barnoota sadarkaa lammaffaa gaafa mana barumsaa madaanaalamii hordoftu Meetiin akka meetii iftee mul'achuu ishee nan beeka jette.

kanaa malees, Meetii Guddaataa namaa abbaan Amaara Hadhaan tigree kan ta'e Biruk kan jedhamu wajiin jaalala jalqaabdeetti. As keessatti kan agarru Meetiin namaa barateedha.garuu akka namaa barateetti hin fayyadamne. Sababni isaa immoo Biruk akka inni Oromoo hin jaalannee fi Oromoof iddoo hin kenninee osoo beektu akkamitti isaa jaalalachuu dandeessi? Namni barattee tokko waan hundaa itti yaadee godha kanafuu isheen namaa barattee haa tatuyyuu malee akka nama hin baraneetti dhimmaa bahatteetti. (37)

### 3.3.6. Waadaa Danaaboo

Waadaa Danaboo bakki isheen itti dhalatte godina Shawaa lixaa Asallaattidha. Asallaatti haa dhalattuyyuu male kan guddatte immoo Finfinneettidha. Yuunvarsiitii Finfinneetti filoosoofera seenaa kan ta'e abbaan ishee amalaa fi eenyummaa ishee haaraa tolchuu keessatti qooda guddaa qaba.

''Hundaa caalaa hojii seenaan ittin sii yaadaatuu hojeette darbuuf guyyuu ifaaj!? ''ittin jedha gaafa mara, keessattiyyuu seenaa oromoo garaagaraa abbaaa irraa yoommuu sirritti hubaatu dukkaa butuu isaanii ta'uf qalbiin ishee ni hawwa.Yuunversiitii Finfinnee galtee Barnoota Gaazexesummaa akka baratuuf kan ishee jajjabesse abbaa isheetti.Kanaa qofas miti waraaqa qorannoo ishees preesii walabaa irratti akka dalagatuu isaatu tolche.

Waadaa Dannaboo barii subiitii kaaftee oddeeffannoo godinaalee garaagaraa irraa Finfinnee dhufaan waan gurraaolteef hedduu dadhabdeetti.Haa ta'u malee oddeeffannoo isheen argaatee marati kana mala ishee daran cimsuu waan ta'anii itti mirqante jirti.

Qooddattuun kun /Waadaa Dannaboo namaa barateedha jechoota isheen fayyaadamtuus akka namaa barateetti.Keessattiyyuu,sochii baratoottan walqabatee oddeeffannoo godina irraa gara Finfinnee dhufaan qindeessuuf, dirqaamni kan itti kennamee isheettidha.Kanaa kan hojeechuu danda'uu immoo namaa barateedha.Kanaafuu Waadaa Dannaboo namaa barateedha.(47)

Akkasumaas Waadaan namaa magaalaadh. Sababni isaas Magaalaa Asaalatti waan ta'eef, jechoota isheen fayyaadamtuus akka namaa magaalaatti. Innis; sochii ishee kan har'a bayyee mirqaansisa ture kana jedhuudha. Yeroo abbaa ishee Dannaboo wajiin haasooftu jechoota ergiisaa fayyadamaniiru.

Fkn . preesii fi mirqansaa kan jedhu as keessatti jechoota ergiisaa fayyadamuun abbaa ishee wajiin hasaa tasiifteetti.(fulla 47)

Waadaa Dannaboo hundaa isaanii irra addaa.Ishee ergaama Raayyaa DHugaa galmaan ga'uuf ijoolummaatti kaaftee namusaa fi beekumsaa barbaachisuun kan qaramteedha.

''Guuddaan sii galaatteeffadha Sisteer'' jette,waadaan odeeffannoo fi suuraa barbaaduu mara erga sassabatte booda.

Kutaa kanaa keessatti Waadaan obbolleetti ishee wajiin yoommuu haasaa taasiiftu afaan ergiisaatti fayyadamteetti .(fuula 93)

### 3.3.7. Guutaa Abdiisaa

Guutaa Abdiisaa nama jaarsa umuriin isaanii wagga jaatamaa keessaa jiru. Wagga soodomaaf (30) oliif hojii sab-qunnamtii hawaasaa waliin wal qabatee irratti dabarseera. Guutaa Abiisaa matiin isaa qonnaan bulaa yoo ta'uu bara dargii minsteera Aadaa fi beeksiisa keessaa waggoota dheeraaf dammee daantaa miidiyaa ambaa keessaa sadarkaa ol anaatti hojjeetera. Namni kun caaraa argaateetti fayyadamee haala keessattiyyuu mirgii uummaataa isaa akka kabaajamuuf halkaanii fi guyyaa osoo tataffatuu yoonaa gahee. Mootumaa abba hiree dargiitillee tooftaan faayyadamee mirga uummataa isaa kabaachisuuf taataffii inni gochaa ture salphaa miti.

Kanaa malees Guutaa Abdiisaa qisaasamaa hawaasummaa fi diingdee hamma sirna dargii ukkaamsee dhokksee ture qabatamatti sab himalee addunya a garaagaraa biran ga'eera. Kanaa malees jaarmiyaalee siyaasaa fi qabsa'oota mirga saboota biyyattii kabachisuuf socho'aa turaaniif iccita sirna dargii murtessoo ta'an keenufidhaan qabsoon sun akka milka'uu tolcheera.

Guutaa Abdiisaa namaa magaalaa osoo hin tannee namaa baadiyyaadha. Haa ta'uu malee namaa baraateedha sababiin isaas qisaasamaa Hawaasaa fi dingdee hamma sirna dargii uukamsee dhooksee ture qabatamatti jarmiyaalee siyaasaa fi qabsa'oota mirga saboota biyyatti kabachisuuf, socha'aa turaniif iccita dargii muurteessoo ta'an keenuufidhaan qabsoon sun akka milka'uu tolcheera.Akkumaa kanaa minsteera aadaa fi beeksisaa keessaa waggoota dheeraaf dammee daantaa miidiiyaa ambaa keessaa sadaarkaa olanaattin hojjeetera. Kanaafuu namaa baraateedha.fuulla (55)

Obbo Guutaa Abdiisaa yoommuu Bultum qabameetti namaa beekkan ijaan barbaadee tokkollee argaachuu hin dandeenyee. Obbo Guutaan Bultumiin bayyee waan jaalatuuf namoota gidduu seene barbaada. Garuu hin milkoofne.Kanaa hundumaa dhiisee Hopsitaalicha milinik keessaa ogeessota fayyaa gaawonii adii uffatan argee utaalee jara bira ga’ee Neersii Gawoonii adii uffattee jirututti siqee ‘’ siisteer’’maloo gargarii namni Bultumi jedhamuu as galeera jedhee gaafate. fuulla(14)

Neersiin diimini ishee garaa adeenyatti maqsu ol jette Guutaa ilaala. Obboo Guutaan ‘’ HY... maloo namoota Bultumi Jedhamu namoota lubbuun darban keessaa jiraachuu isaa addaan naaf baasi jedhee gaafate.

As keessatti namaa baratee haa ta’u malee yeroo neersii kanaa wajiin haasaa taasiisee afaan isaan itti fayyadamaan afaan oromoo osoo hin tanne afaan ergisaatti. Fkn; hy sister.kanaafuu afaan oromootti hin fayyadamnee.

Guutaa Abdiisaa nama magaalaa osoo hin tannee namaa badiyyatti dhalaatee guddaateedha.Maatiin isaas qonnaan bulaadha.(55)

Walummaa galaatti qooddattoonni asoosamoota kan keessatti argaman afaanota garaagaraatti fayyadamaniru.

# BOQONNAA AFUR: CUUNFAA FI YAADA FURMAATAA

## 4.1. Cunfaa

Qaacceessa Fayyadama afaanii asoosama Raayyaa DHugaa keessatti wantoonni ilaalaman itti fayyadama jechoota ergiisaa, jechoota loogaa, jecoota tiishoo , jechoota faallaa, jechoota walfakkii fi Eenyummaa qooddattootatti. Akkuma fayyadama sagalee jechoota kanaa irrattis hanqini tokko tokko ni mul'ata.isaan keessaas jechoota loogaa dubbattoonni afaan oromoo hundi hubachuu hin dandeenyeetti fayyadamuu fi jechoota afaan oromoo keessatti bakka bu'aa qaban faayidaa malee afaanota biro irraa eergifachuun itti rakkoowwan rakkoowwan gaama kanaan mul'ataniidha. Jechootaa hirkatoo akkaataa isaan itti hiika godhachuu danda'aniin itti fayyadamuu dhabuun , akkaataa seerrijechoota tiishoo eyyamuun alajechoota tiishessuuf yaaluuf jechoota jechoota kottonfate bifa tiishessuuttin asoosamicha keessatti fayyadamuun hanqinoota jiran keessaa isa ijoodha. Kanamalees hanqinni quusannoo jechoota irratti mul'atu hanqinoota fayyadama jechootaa irratti mul'atan keessatti ramadama. Rakkowwan gamaa fayyadama jechootaan mul'atan kunis ergaan jechoota kanaan mul'atan ifa akka hintaane godhanii jiru. Akkasumaas asoosamicha miidhanina dhabsiisanii jiru jechuun ni danda'ama.

Gamuma fayyadama jechootaa kanaa keessatti wantoota ilaalaaman keessaa kan biraa jechoota faallaa fi wal fakkii jechootatti. Akkuma fayyadama sagalee jechoota kaanii fayyadama jechootakana irrattis hanqinoonni tokko tokko ni mula'atu.jechoota faallaa yaada garaagaraa lama ibsan walitti fiduun yaada tokko ibsuuf itti gargaaraamuun dubbistoonni yaadichi akka wal hin qabaneef gochuun akkasumaas dubbisaan yaada ijoo qabachuu hin dandeenye taasisaniiru.

Haluma kanaan walfakkii jechootaa irrattis jechoota quusachuu dhabuun iddoo jechi tokko ibsutti jechoota tuuluun akka duubisaan nuffu haalli haalli ittin godhamees asoosamicha keessatti ni mul'ata. Rakkoowwan kunniin asoosamichi galma ga'ee ergaa guutuu isaa akka hin dabarfanne taasiseera.

Himoota kitaaba kana keessatti hojii irraa oolan wal madaalchisuun himoota dheeraa fi gabaabaa jechuun qorannoo kana keessatti ilaaluun yaalamee jira. Kitabni kun himoonni inni baay'inaan fayyadame himoota dhedheeroodha. Kitaaba kanaa keessatti himoonni dhedheeroon tajaajilli isaanii yaadni dabarsuuf barbaadame osoo hin ciccittin dhangal'ina isaa eegee akka deemu

gochuuf ta’uuyyuu, dheerni himaa kanaa matimaa  fi gochima himichaa wal fanaa hubaachuuirratti rakkoo uumee jira.akkasumaasnuffisiisaa ta’uun asoosamichamiidhagina kan dhoowwedha.

Himoonni gaggabaaboon asoosama kana keessatti mul’atan immoo yaadota ibsamaniif xiyyeeffannoo kennuuf dubiisitoota kan gargaaranii fi haala dubbisuuf nama kakaasuun kan qinda’aniidhaniidha.

**4.2 Yaada Furmaataa**

Rakkoo gama fayyadama jechoota irratti mul’atan maqasuuf barreessaan tokko jechoota loogaa barreeffama tokko keessatti fayyadamuu irra hamma danda’ameenjechootawaalta’aa ta’anitti fayyadamuuf yaaluun barbaachisaadha. Jechootni yeroo ergiifatamaaniis akkaata afaan ergifatuuf bu’aa buusuu danda’uun ergifachuun ba’eessa. Kana jechuun jechoota afaanicha keessatti bakka bu’u hin qabne ef qofa jechoonni utuu ergifatamee eenyummaa barreffamichaa eegsisuuf ga’een isaa olaanaadha.akkasumaas jechoota tiishoos akkuma seeraa isaatti eegee fayyadamuu qaba.kanaa malees barreessan jechoota akkuma argeetti  walitti fidee walqabsiisuun waliitti bay’isuu osoo hin taane , jechoota faallaa irrattii jechoota wal madaalanii fi yaadni isaanii waliin walqabatu fayyadamuu qaba. Walfakkii jechoota irrattis jechoota inni tokko  isaa tokkoof hiika kennuu danda’uu wal biratti tuuluu otoo hi ta’in jechi tokko bakka jecha biraas kan bu’u yoo ta’e, jechoota isaan haafan qusachuu qaba. Kana jechuun jechoota akk argeetti wal irra tuuluu osoo hin taane, jechoota filatamoo fi qusatamoo ta’aniin yaada badha ta’e ibsaachuu qaba.

Gama fayyadama himaatiin barreessaan haqina fayyadama seerlugaa  irratti mula’atan,dogon gorri caasimaa , wal simannaa dhabuu matimaa fi gochimaa , akkasumaas dogongorri  maqalee caasaan ijarsa himaa afaan oromoo akkam akka ta’e hubannoo ga’aa ta’ee horachuun barreessaaf kan furmaataa ta’uudha.

Asoosama kana gama cimina isaatiin yoo iaallu, baay’inaan jechoota waalta’ootti fayyadamuun isaa eergaa asoosamichaan darcbu sirritti akka hubatamuuf ga’ee mataa isaa ba’eera. Akkasumas jechoota naannoowwaan oromiyaa adda addaa keessatti beekkamanii fi dubbataman fayyadamuun isaa asoosamichi namoota Afaan Oromoo hubachuu danda’an hundaan akka hubatamuu taasisee jira. kanaa malees barreessaan kun jechoota Afaan Oromoo keessatti bakka

bu’a hin qabne kanneen afanoota garaagaraa irraa ergifatamuun erga asoosamaa kanaa guutuu taasisuun cimsisuun cimina barreessichaati.

Waluma galaatti asoosamni kun ciminas hanqina kan mtaa isaa ta’e akka qabu qorannoo kanaa hubachuun danda’amee jira. Haala himaa kanaan hanqinni jiru kun akkaataa armaan oliitti agrsiisuuf yaalameen furamuun, fulduratti barreeffamoota Afaan Oromoo kan hogbarruus ta’e kan biro gamaa afaaniitiin ga’umsa qaban arguun akka danda’amu abdii kooti ciminni kitaaba kanaa keessatti mul’ataniis fulduratti barreeffamoota birokeessattiis akka itti fufanjajjabeessuun barbaachisaadha.

## Wabii

Addunyaa Barkeessaa (,2018). *Naatoo*. Finfinnee Oromiyaa,Keline p.pl

Addunyaa Barkeessaa(2016).*seemoo* Finfinnee:Oromiyaa keline p.pl

Asaffaa Tafarra(2009:20) *Eela, Seenaa Oguma Oromoo* :Finfinnee:Fares Trading p.p.c

Beekaan Gulumma(2015:150) *Tujubaa*.Finfinnee :Oromiyaa ,Ellini p.p.pl.

Geetachoo Rabibirraa.(2016) *Furtuu*. Max.5 ffaa . Dhaabbata Maxxansiisaa Kurraaz internaashinal.

Jaalallii Hayluu,. (2008)."Qaaccessaa itti Fayyadama Afaanii Asoosama Yaadanii Keessatti"Waraaqaa Qorannoo Digirii Baachilaarii Guutachuuf dhiyaate,Yuuniversitii Finfinnee (kan hin maxxanfamin)

O’Gardy and Dobrooliky .(199:60). *Contemporary Lingustic*. as Intradiction third,Canada.

Toleeraa fiqiruu.(2013*). Asoosama raayyaa dhugaa.* Finfinnee: oromiyaa.Keline.p.pl

Zarihuun Asfaw (1992).*Yesina tisuf masarawii*.Addis Ababa University

**Waraqa Mirkaneeffannaa**

Anni qoraataan maqaa fi mallattoon koo armaan gadiitti eerame kun waraqaan Kun hojii koo ta’uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu Keessatti kan hin dhiyaanne ta’uu isaa fi yaadawwan qoranno kanaa dubbis hunda Isaanii wabii keessa ka’uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorataa** ___________________________

Mallattoo___________

Guyyaa _____________

**Maqaa Gorsa**____________________________

Mallattoo_________

Guyyaa _________